



“Fooyyessi dinagdee gooroo bayyanachuu dinagdee Itoophiyaaf bu’uura kan kaa’uudha”

- Ji’oottan sadan darbanitti boba’aan qarshii biliyoona 35.7 hirphameera
- Daballii mindaaf qarshii biliyoonni 91 ramadame

- Ministira Muummee Abiyyi Ahimad (PhD)

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Fooyyessi dinagdee gooroo bayyanachuu dinagdee Itoophiyaaf bu’uura kan kaa’u ta’uu Ministirri Muummee Abiyyi Ahimad (PhD) Yaa’ii idilee 3ffaa bara hojii 4ffaa waggaa 6ffaa Mana Maree Bakka Bu’oota Ummataa irratti ibsan. Gaaffilee minseensotni mana marichaa yaa’iicha irratti kaasaniif deebii kennaniiru.

Deebii isaanii keessattis, bu’aa fooyyessi dinagdee gooroo dinagdee biyyaa keessatti fideefi dhimmoota dippilomaasiin walqabatan irratti ibsa bal’aa kennaniiru.

Akka ibsa isaaniitti, fooyyessi dinagdee gooroo Baankii Biyyaalessaa diigamuu irraa oolcheera. Yeroo ammaa kana qabeenya baankota olkaa’ame (kaappitaala) qarshii tiriliyoona 3.5irra akka ga’u taasisaera. Ji’oottan sadii darban keessatti gurgurtaa warqee (Gold) irraa galiin doolaara miliyoona 500fi bittaa boba’aaf hirphi biliyoonni 35.7 taasifamuu eeranii, bara bajataa kanatti gurgurtaa bunaa irraa galii doolaarri miliyoona lama akka eegamu ibsaniiru.

“Badhaadhinni hiyyummaa jibba malee hiyyeessa akka hinjibbine hojii hojjetamaa jiruun qabatamaatti agarsiisfamaa jira. Akka biyyaatti bittaa xiyyaara 124 Itoophiyaan

Gara fuula 12ti



Gurmaa’insi mootummaa gandaa hojiirra oolaa jiru hawaasni tajaajila dhiyeenyatti akka argatu taasisaa jira

Natsaannat Taaddasaatiin

Finfinnee: Bulchiinsi Mootummaa Naannoo Oromiyaa Gurmaa’ina mootummaa gandaa diriirsuun tajaajila mootummaa ummatatti dhiyeessuun fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessaa jira. Caasaa haaraan hojiirra oolaa jiru kun kenna tajaajilaa fooyyessuu, nageenya waareessuu, bulchiinsa gaariifi haqa waloo mirkaneessuufi mootummaa cimaa ijaaruu fi hawaasni tajaajila si’ataa, ammayyaa’aafi qaqqabamaa dhiyeenyatti akka argatu taasisuu keessatti gahee olaanaa kan qabuu ta’uun himameera.

Gara fuula 14tti



Rakkoon ulaa galaanaa Itoophiyaa rakkoo gaanfa Afrikaa ta’uu hubachiisuun barbaachisaadha

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Rakkoon ulaa galaanaa dhabuu Itoophiyaan dhufu rakkoo gaanfa Afrikaa ta’uu hubachiisuun barbaachisaa ta’uu Hayyuun Seeraafi Nageenyaa Doktor Roobaa Pheexiroos beksisan.

Gara fuula 14tti

Ammas yoo ta’e ejjennoon mootummaa waldhabdee hunda karaa nagaan furuudha

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Mootummaan waldhabdee hunda akkuma kanaan duraa karaa nagaan ta’een furuuf ejjennoo kan qabu ta’uu, Ministirri Muummee Abiyyi Ahimad (PhD) beksisan.

Doktar Abiyyi gaaffii miseensotni Mana Maree Bakka Bu’oota Ummataa, Walga’ii Idilee 3ffaa bara hojii 4ffaa waggaa 6ffaa gaggeeffamerratti isaaniif dhiyeessaniif deebii kennaniin akka jedhanitti, biyyattiin waraana waan itti beektuuf, hinbarbaaddu. Waldhabdee humnaan furuurra karaa nagaan furuun bu’aa olaanaa qaba. Mootummaan walitti bu’iinsi jiru karaa nagaan akka furamu dursa kennee hojjetee; ammallee ejjennoon isaa waldhabdee jiru karaa nagaan furuudha.

Haa ta’u malee, qaamni kamiyyu humna, jibbaafi wal balleessuutiin kaayyoosaa



galmaan ga’uu waan hindandeenyeef tasgabbiin yaaduun barbaachisaa ta’uu hubachiisu.

Dippilomaasii wajjin walqabatee Doktor Abiyyi akka jedhanitti, ejjennoon Itoophiyaa biyyoota hunda waliin qajeeltoo kennanii

Gara fuula 14tti

ODUU



“Qabeenyi guddaan Itoophiyaa humna namaa ta’us, ogummaa barbaachisu kan horatee miti”

- Obbo Fiqaaduu Tsaggaa

Bayyanaa Ibraahimiin

Finfinnee: Qabeenyi Itoophiyaan qabdu inni guddaan humna namaa ta’us, humni namaa yeroo ammaa kana biyyattii keessa jiru ogummaafi dandeettii barbaachisu kan horate akka hintaane Daarektarii Inistiitiyuutii Qorannoo Imaammataa Obbo Fiqaaduu Tsaggaa ibsan.

Humni namaa biyyattiin qabdu leenjiifi ogummaa barbaachisuun akka ijaaramuuf falli qorannoo irratti hundaa’e barbaachisaa ta’uu, sagantaa marii misooma humna namaa dheengadda Giddugala Qorannoo Afrikaa waliin qopheessanirratti dubbataniiru.

Akka ibsaaniitti; misooma qabeenya humna namaa biyyattii bu’aqabeessa taasisuuf furmaata qorannoofi qo’annoorratti hundaa’e kennuu, argannoowwan saayinsiifi teknolojiitti gargaaramuudhaan rakkoo qulqullina barnootaa biyyattii furuun dhimma ijoodha.

Bakka rakkoon qulqullina barnootaa hinfuramnetti immoo waa’een humna namaa ogummaafi dandeettii barbaachisu horachuu ulfaataadha. Barataan barnoota sadarkaa lammataa xumuru carraa Yuunivarsiitii yoo dhabe gara barnoota leenjii teknikiifi ogummaatti akka galu taasifamuun rakkoo namootni hedduu hinhubanne uumaa jiraachuu kan kaasan Obbo Fiqaaduu, waan qabxii seensa yuunivarsiitii dhabeef osoo hin taane, barnootni teeknikaafi ogummaa kun barbaachisaa ta’uusaa amancee fedhiisaatiin akka galu taasisuun barbaachisaa ta’uu ibsu.

Biyyoota teknolojiifi dinagdeedhaan guddatan kanneen akka Jarman fa’atti yuunivarsiitiiirra kan kabaja qabuufi barataanis seenee barachuu fedhu dhaabbilee barnoota teeknikaafi ogummaa yemmuu ta’u, kunis maddi hojiiwwan kalaqaafi argannoowwan hedduus dhaabbilee leenjii teeknikaafi ogummaa kana ta’uu dubbatu.

Qorannoo giddu gallisaanii qabeenya humna namaa biyyattii irratti taasisen, dhimmootni akka; qancarummaa, nyaata madaalawaa dhabuufi qulqullinni barnootaa ammas rakkoo hin ce’amne ta’uu kan kaasan immoo Daarektarii Giddugala Qorannoo Afrikaa Viktor Murindee, rakkooleen kunniin immoo Itoophiyaa qofatti osoo hintaane biyyoota Afrikaa hedduutti bal’inaan kan mul’atan ta’uu dubbatu.

Giddu galichi rakkooleen qabeenya humna namaa Afrikaa miidhaa jiran kunniin karaa saayinsaawaa ta’een hojii qorannoo irratti hundaa’ee hojjatamuun furmaata akka argataniif kan hojjatu ta’uus ibsaniiru.

Oromiyaatti barana lafa hektaara miliyoona afurirraa omisha qamadii kuntaala miliyoona 200tu eegama

- Hanga yoonaa lafti hektaarri kuma 300 sanyiidhaan uwwifameera

Saamraawit Girmaatiin

Finfinnee: Bara omishaa 2017tti qonna jallsii qamadiitiin lafa heektaara miliyoona afur sanyiidhaan uwwisuun omisha kuntaala miliyoona 200 ol sassaabuuf karoofamuufi hanga yoonaa lafti hektaara kuma 300 sanyiidhaan uwwifamuu Biiron Misooma Jallsiifi Horsiisee Bulaa Oromiyaa ibse.

Hogganaan biirichaa Injiinar Girmaa Raggaasaa gaafdeebii Kibxata darbe biiroosaaniitti Gaazexaa Bariisaa waliin taasisaniin akka jedhanitti, aadaa qamadii ganna qofa qotuu keessaa ba’uun qonna jallsii qamadii waggaa waggaaadhaan dabaluu lafa hektaara kuma torba qotuurraa ka’ee hanga hektaara miliyoona afur qotuutti qaqqabameera. Kanarraas callaan kuntaalli miliyoona 200 ol ni eegama.

Karoorri qabame kun akka milkaa’uuf qophiin dursaa bal’inaan kan hojjetame yoo ta’u, keessumaa muuxannoo kanaan duraa irraa ka’uun yoom yoo qotame caalaatti jidhiinsatti fayyadamuu dandeenya akkasumas yeroo bishaan barbaadutti akkamiin bishaan dhiheessuu dandeenya isa jedhurratti Biiron Qonnaa Oromiyaa Inistiitiyuutii Qorannoo Qonnaa waliin qindaa’uun qophii gaarii taasisuu himu.

Bara darbe lafa heektara miliyoona 2.9 kan qotame yoo ta’u, bara kanas lafti sun



Injiinar Girmaa Raggaasaa

akkuma jirutti irra kan qotamu ta’uu eeranii, qorannoo bara kana hojjetameen lafti heektaarri miliyoona 3.3 bishaan argachuu dandau adda baafamuusaafi lafti dabalataa heektaara kuma 600 ta’u argamuusaatiin bollaafi haroo qotuu dabalatee karaa bishaan dabalataa argachuu danda’amurratti hojjetamaa turuu kaasu.

“Haalli qilleensaa naannoo Oromiyaa addaddummaa waan qabuuf sanyiin yeroo walfakkaataa ergaan takkaa akka hinfacaafamnee kan himan Injiinar Girmaan, hanga dhuma torban darbeetti sanyiin faca’e lafa heektaara kuma 300 caala. Kanaafis akka gargaaruuf mootummaatiin qofa

paampiiwwan bishaanii kuma 20 dhihaatee qonnaan bulaa qaqqabeera. Paampiiwwan gara kuma 60 ammoo qonnana bulaan ofiisaatiin akka bitatuuf haalonni mijataniiru” jedhu.

Karoorri qabame kun milkaa’uu kan danda’u hojii qindoominaa qooda fudhattoota baay’etiin ta’uu eeranii, hoggansaa kaasee hanga qonnaan bulaatti humna guutuun hojiitti seenuun karoora qabame milkeessuuf shoorasaa akka ba’atu gaafata.

Akkasaan jedhanitti, Biiron Misooma Jallsiifi Horsiisee Bulaa hanga sadarkaa godaatti bishaan dhiheessuun dirqamasaa yoo ta’u, Biiron Qonnaa Oromiyaa ammoo bishaan kun haala omishaafi omishtummaa dabaluu danda’uun faayidaarra akka ooluuf ittigaafatamummaadhaan hojjeta.

Waldaan Hojii Gamtaa ammoo dhiheessii sanyii filatamaafi xaa’oorratti xiyyeeffatee yeroodhaan dhiheessuu qaba. sanyiin torban tokko yoo boodatti hafe dhamaatii kannene hunda waan hambisuuf ofeeggannoodhaan kan hojjetamuu qaba. Haala kanaan hojiichi qindoominaan hojjetama.

Hundaa ol garuu abbaa omishaa kan ta’e qonnaan bulaan of si’eessuu, jabeessuu, jijjiirama kana ofitti fudhachuun carraa argameetti akka fayyadamuuf waamicha dhiheessu.

“Hirmaannaan qaamolee hawaasaafi qooda fudhattoota hanga amaatti jiru ergama komishinichaa galmaan ga’uuf abdachiisaadha”

- Komishinii Marii Biyyaalessaa

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Raawwii marii biyyaalessaa hanga ammaatti gaggeeffameen hirmaannaan hawaasaafi qooda fudhattoota taasifame ergama komishinichaa galmaan ga’uuf abdachiisaa ta’uu Komishiniin Marii Biyyaalessaa beeksise.

Dubbi himaan Komishinichaa Obbo Xibabuu Taaddasaa Kibxata darbe Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, raawwii komishinichaa hanga ammaatti taasifameen hirmaannaan qaamolee hawaasaafi qooda fudhattoota mul’ate ergama komishinichaa galmaan ga’uuf abdachiisaadha. Hirmaannaan taasifames daandiin kaleessa akka biyyaatti irra dhufameefi haala yeroo ammaa keessa jiramu mariidhaan furmaata kaa’uuf fedhii jiru irraa kan ka’edha. Kana milkeessuufis komishinichi hojiiwwan bal’aa raawwachaa jira.

Akka ibsa isaanitti, komishinichi labsiidhaan hundeeffamee erga hojii keessa galee as ergama ittikenname raawwachuuf dandeettii humna raawwachiisummaa humna namaan guutuun, leenjiifi caasaawwan garagaraa diriirsu raawwateera. Maricha hunda hirmaachisaa taasisuuf hawaasaafi qooda fudhattoota biratti hubannaa umuuf dhaabbilee biyya keessaafi alaa akkasumas miidiyaalee waliin qindoomina umuun hojii bal’aan raawwateera.



Obbo Xibabuu Taaddasaa

Marii gaggeeffamu hunda hirmaachisaafi hammataa taasisuuf calalliin namoota qaamolee hawaasaafi qooda fudhattoota bakka bu’anii gaggeeffameera. Haaluma kanaan naannoo Amaaraafi Tigiraayirraa kan hafe bulchiisa maagaalota lamaafi naannolee hundaa keessatti calalliin namoota marii irratti hirmaatanii gaggeeffamuun calalliin ajandaa ittifufeera.

Akka sagantaa yeroof (tentative schedule) komishinichaatti, calalliin ajandaa naannolee hunda keessatti hanga xumura Onkoloolessaatti xumuruuf hojjetamaa jiraachuu himanii, naannolee sadii hafan keessaa Itoophiyaa Kibbaatti yeroo ammaa

gaggeeffamaa jiru torban dhufu xumurama. Marii calalliin ajandaa kana Itoophiyaa Kibbaafi Oromiyaatti adeemsiisuuf qophiin taasifamaa jira.

Naannoo Amaaraafi Tigiraayitti calalliin namoota marii irratti hirmaataniifi ajandaa marii kan hinjalqabamne ta’uu himanii, hanga tokko haalli mijataan uumamaan komishinichi naannolee lamaan keessatti hojiisaa adeemsiisuuf qophii ta’uu eeraniiru.

Paartilee siyaasaa hanga ammaatti mariitti hinhirmaatin jiran hirmaachisuuf komishinichi yaalii taasisaa ture akka ittifufu himanii, yaalii haga ammaatti taasifameen paartileen gara marichaa dhufan jiraachuus ibsaniiru.

Qaamoleen hidhatanii bosona jiranis ajandaa isaanii akka dhiyeffataniif yaaliin garagaraa taasifamaa jiraachuu himanii, yaalichi akka milkaa’uuf qaamolee hidhatan, mootummaa, hawaasa idil addunyaa, paartilee siyaasaafi dhaabbilee amantaa tumsa taasisuu qabu. Qaamolee hidhatanii bosona jiran waliin mari’achuuf balballi komishinichaa hanga dhumaatti banaa ta’uus himaniiru.

Komishinichi waltajjii marii hawaasaa, qorannoowwan garagaraa, dhaabbilee garagaraa, namoota dhuunfaafi diyaaspooraa irraa ajandaa marii walitti qabuun bocee marii biyyaalessaaf dhiyeessuuf hojjechaa jiraachuus dubbataniiru.

Oromiyaatti Manneen Murtii Aadaa 2350 ol ijaaraman

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Naannoo Oromiyaatti Manneen jaarsoliin keessa taa'anii karaa aadaatiin dhimmoota ilaalan(Gaaddisni Mana Murtii Aadaa) 2350 ol ijaaramee tajaajila kenna jiraachuu Manni Murtii Waliigala Oromiyaa beeksise.

Pirezidaantiin Mana Murtichaa Obbo Gaazalii Abbaa Simal ibsa Kibxata darbe Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, Oromoon mana murtii idilee qofatti osoo hin taane mala aadaatiin haqa walii kennee walirraa fudhata. Aadaan kuni ummata Oromoo bira jaarraa hedduudhaaf turus barootaaf deeggarsa seeraa osoo hin argatin ture.

Hundeeffamni Mana Murtii Aadaa bu'uura heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa kan qabu ta'uu yaadachiisanii; bu'uura qabduu seeraa kanaan Caffeen Labsii 240/2013 labseen hojiitti seename.



Obbo Gaazalii Abbaa Simal

Dhimmootni karaa kana ilaalamaa jiranis yeroodhaa gara yerootti dabalaa jiru. bara 2014 dhimmootni kuma 50, bara 2015 dhimmootni kuma 150, akkasumas bara 2016 ammoo dhimmootni kuma 486 karaa mana murtii ilaalamaniiru.

Mootummaan akkaataa ummatni mana murtichaa itti deeggarurratti hojmaata mijataa diriirsee jira. Ummatni fedhii achitti haqa argachuuf qaburraa kan ka'e gaaddisa ijaaruufis ta'ee dhimmoota biroorratti hirmaannaa taasisuun aantummaasaa agarsiisaa jira. Waliigalatti, gandoota 6,300 keessatti jaarsoliin filatamanii, labsii ba'e bu'uura godhachuun dhimmoota haqaa ilaalaa jiru.

Akka Aadaa Oromootti, hiikkaan gaa'ila waan jajjabeeffamuu waan hin taaneff Manni Murtii Aadaa hiikkaa gaa'ila raawwachiisuu akka hin dandeenye labsichaan dhorkameera. Kanarraan kan hafe namootni dirqamaan osoo hin taane fedhiisaaniitiin dhimmasaanii karaa mana murtii aadaatiin akka ilaalamuuf fedhii yoo qabatan manni murtichaa dhimmoota hunda akka ilaaluuf labsiin ba'e ni deeggara.

Duudhaan Mana Murtii Aadaa seera

biyya hambaarraa waraabame osoo hin taane, duudhaa Oromummaa ganamaarra waan maddeef, haalli itti fayyadamasaa haqa barbaaduuf fedhii horachuun alatti dandeettii addaa qabaachuu waan hin gaafanneef itti fayyadamnisaa lammaileef baay'ee kan salphatuudha.

Qajeelfamni haqaa bulchiinsa lafaa kan Ministeera Haqaatiin torbee darbe keessa ifoome, manni murtii aadaa karaa haqa qabeessa ta'een dhimmoota lafaa akka ilaaluuf kan jajjabeessu ta'uu himanii; dhimmoota gara dhaaddacha ijibbaataa dhufan keessaa dhibbantaan 60 dhimmoota qabeenya lafaan wal qabatan ta'uu yaadachiisaniiru.

Murtoowwan murtaa'an mirga namaatti akka hin buuneeff heera mootummaatiin akka walitti hin buuneeff jaarsoliif leenjiin kennamaa kan jiru ta'uus Obbo Gaazalii ibsaniiru.



Barana Nooraan kuntaala kuma 800 qonnaan bultoota bira ni gaha

Bayyanaa Ibraahimiin

Gudar: Barana Noora kuntaala kuma 800 ta'u omishuudhaan qonnaan bultoota laftisaanii rakkoo asiidummaaf saaxilameef raabsuuf hojjechaa jiraachuu Biiron Qonna Oromiyaa beeksise.

Waggoota shanan darbanitti lafa dulloome deebisaniif faayidaaf oolchuuf hojiin Noora omishuudhaan fayyadamtoota biraan gahuu bal'inaan hojjatamaa turuu biirichatti ittaanaan damee qabeenya uumamaa Obbo Eliyaas Kadir dubbataniiru.

Yeroo ammaa warshaan Noora omishu maashinoota jaha fayyadamuudhaan naannichatti lafa sababa dulloomuutiin aasiidummaa biyyootiif saaxilame deebisaniif bayyanachiisuuf sochii taasifamu tumsaa jiraachuu himanii, maashinootni Warsha Noora Gudar keessatti argaman kunniin akka biyyaattis muuxannoon kan irraa fudhatamu ta'uu ibsu.

Akka ibsa Obbo Eliyaasitti, lafa naannoo

Oromiyaa keessaa lafti dulloomee biyyoonsaa aasidawaa ta'e hektaara miiliyoona 2.3 yoo ta'u, rakkoon asiidummaa lafaa kun godinaalee naannichaa 15 ta'an keessatti ni mul'atu.

Lafa sababa biyyoo asiidawaatiin osoo omisha hinkennine waggoota saddeetti ol ture Noora fayyadamuun yeroo ammaa omisha gaarii argachaa jiraachuu dubbatu qonnaan bultootni Godina Shawaa Lixaa.

Laftisaanii waggoota hedduuf sababa dulloomuutiin osoo hinqotamin turuu kan himan godinichatti jiraataa Aanaa Walmaraa kan ta'an Obbo Geetuu Badhaasaa, yeroo ammaa garuu Noora ogeeyyotni qonnaa isaanitti agarsiisan fayyadamuudhaan garbuu omishaa jiraachuu dubbatu

Hoggantootniifi ogeeyyotni seektara qonnaa sadarkaa federaalaa hanga godinaatti jiran dheengadda Warsha Noora Gudaritti argamuufi omisha qonnaa godina Shawaa Lixaatti argamu daaw'ataniiru.

Arsii Lixaatti garbuun biqilaa lafa hektaara kuma 175 irratti misoomaa jira

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Godina Arsii Lixaatti bara omishaa 2016/2017 lafa hektaara kuma 150 sanyii garbuu biqilaatiin uwwisuuf karoofamee lafa hektaara kuma 175 sanyiiichaan uwwisuun kan danda'ame ta'uu Waajjirri Qonna Godinichaa beeksise.

Ittigaafatamaa Ittaanaan waajjirichaa Obbo Ibsaa Gammadaa Roobii darbe Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, godinichi garbuu biqilaa omishuuf kan oolu potenshaala guddaa qabaatus, waggoota sadii dura omishni potenshaala jiru waliin wal madaalu omishamaa hin turre.

Haata'umalee, biqilaa bittaa sharafa alaa guddaan biyya alarraa gala ture biyya keessatti omishnee bakka buusuuf kaka'umsa Ministira Muummee Doktor Abiyi Ahmadiin Inisheetiviin omisha garbuu biqilaa jalqabameen hojiitti galame.

Inisheetiviin kun erga jalqabee booda omishummaa dabaluuf duula adda addaa kanneen akka duula lafa qopheessuu, ilbiisota farra midhaanii balleessuufi duula kunuunsa midhaanii gaggeessuun bifa adda ta'een hogganuun, hojiin omishaas kilaastaraan akka gaggeeffamu gochuun hojjatamaa jiras jedhaniiru.

Godinichis inisheetivicha galmaan gahuuf baay'ina, qulqullinaafi ariitii barbaachisuun omishuuf deeggarsa paakejii guutuun deeggarametti fayyadamuun omishuu jalqabuun hangaafi qulqullina omishichaa waggadhaa gara waggatti guddisaa jira.

Bara darbe garbuun biqilaa lafa hektaara kuma 125 irratti kan oomishame ta'uu himanii, bara kana kan bara darbeerratti hektaara kuma 50 dabaluun hojii hojjatamaa jiruun callaa kuntaala miiliyoona saddeet argachuuf karoofamuu ibsaniiru.

Karaa bittinnaa'een hojjechuura qonnaan bultoota naannawaa tokko jiran walitti



Ibsaa Gammadaa

fiduun akaakuu sanyii walfakkaataa yeroo walfakkaataatti akka facaasan gochuun omishummaa dabalu keessatti gahee olaanaa qaba jedhani; lafa sanyiin uwwifame kana keessaa dhibbantaan 85 kilaastaraan kan qotameedha jedhaniiru.

Torbee muraasa booda sassaabbiin omisha kana kan eegalamu ta'uu himanii, qisaasummaa omishaa hambisuuf kombaayinaraan fayyadamuuf abbootii kombaayinaraa waliin mariin taasifamaa jiraachuu himaniiru.

Rakkoo gabaa ture hambisuufis omishicha harka faddaala seeraan alaati baasuun qonna kontiraataatiin qonnaan bultootaafi investaroota omishicharratti bobba'an warsha biqilaa Asallaa waliin walitti hidhuun warshichis deeggarsa barbaachisaa taasisaa jiraachuu eeraniiru.

Akkaataa agro-Ikilojitiin akaakuu sanyii barbaachisuu dhiyeessuu danda'uuni, xaa'oo gahaa dhiyeessuu danda'uun cimina adeemsa omisha kana keessatti mul'ate ta'uu himanii; roobni yeroo ammaa iddoowwan omishni gahetti roobaa jiru ammoo omishichaaf yaaddoodha jedhaniiru.

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Onkoloolessa 23 Bara 2017



“Kurmaanni tokkoffaan yeroo qophii ture yeroo hojii qabatamaan itti raawwatamu ta’eera”

fuula 10



“Qaala’iinsa gatii maqsuuf Finfinneef qarshiin biliyoona 12.2 hirphameera”

- Aadde Habibaa Siraaj

fuula 6




“Dhoksaan milkaa’ina keenyaa abdii utuu hinkutatin jabaannee hojjechuu keenya”

fuula 8




“Dacheen Baatuu muuzii hinbaatu; ilaalcha jedhu cabsuun inisheetiivii muuziin dursaa jirra”

fuula 9



fuula 16



Daandiin injifannoo olompikii gootichi Irreessaa Abbabaa Biqilaan saaqame hanga ammaatti itti fufeera

Fakkii xixiqqoo kaasuurraa hanga asxaa idil addunyaa hojjechuutti

fuula 13



Ijoo Dubbii

Itoophiyaan eenyuun caalaatti nageenya barbaaddi

Biyyi tokko guddina dinagdee yaadde milkeeffachuuf, lammileen ishee nagaan ba'anii galuuf nageenyi murteessaadha. Keessumaa biyyoonni tattaaffii guddachuu keessa jiran xiyyeeffannaan isaanii inni ijoo nageenya qabaachuudha; yoo nagaan jiraate waa hundi waan jiruuf.

Biyyi waraanarraa bufattede seenaa keessattuu hinjirtu. Waraanni waa baay'een kisaaraadha. Lubbuu namaatu dhuma, qabeenyatu barbadaa'a, maallaqa hedduutu bada, hojii misoomaatu dhaabata. Waan waggaa 50 keessatti ijaarametu guyyaa tokkoon bada. Waan waggaa 50 ittiin ijaaruufta yaadametu halkan tokkoon duwwaatti hafa.

Dargaggoonni hojjetanii biyya jijjiiruu danda'an yeroo hojjechuu qabanitti waraanatti waan hirmaataniif humni omishu hinjiraatu. Kana qofa osoo hintaane lubbuusaanii waan dhabaniif biyyattiin waraana booda humna hojjetee ishee dandamachiisu dhabdi. Daa'imman abdiin boruu biyyaa ta'an sababa waraanaatiin ni du'u, qaamaa miidhamu ykn ammoo guddisee malee hafu. Maanguddoonnis bara sooramasaanii rakkatu. Dubartoonnis hiyyummaa hamaaf saaxilamu.

Kanaaf biyyoonni hedduun waraana hinbarbaadan, nageenya garuu cimsanii hawwu. Itoophiyaanis miidhaa waraanaa qabatamaadhaan waan beektuuf eenyuyyuu caalaa nageenya akka barbaaddudha Ministirri Muummee Itoophiyaa Abiyyi Ahimad (PhD) Walga'ii Idilee 3ffaa bara hojii 4ffaa, waggaa 6ffaa Manni Maree Bakka Bu'oota Ummataa Kamisa darbe taa'erratti kan dubbatan.

Akkasaan jedhanitti, Itoophiyaan waraana gochaadhaan waan beektuuf hinbarbaaddu. Filannoo humnaarra filannoon nageenyaa olaanaadha. Mootummaan walhabdeewwan nagaadhaan akka hiikamaniif xiyyeeffannaa kennee hojjetee. Ammas ejjennoon qabu walhabdeen kamuu karaa nagaatiin akka hiikamudha. Sababnisaa humni kamiyyuu waraanaafi jibbaan walballeessuu malee kaayyoo gara guuttachuu hindanda'u.

Dhimma kana hundumtuu tasgabbaa'ee irratti yaaduu akka qabu eeranii, qabsoon yaada malee kaffalsiisuu bu'aa akka hinqabneefi gatii guddaa akka nama kanfalchiisu himu. Kanarraa kan ka'e amma Itoophiyaan eenyuyyuu caalaa nageenya akka barbaaddu hubachiisu.

Bakka tokko tokkotti hojiiileen misoomaa yeroo kamiyyuu caalaa amma kan hojjetaman ta'uus qaamoleen tokko tokko garuu kun fudhatamuufi didee nageenya yommuu boossaniifi hojii hojjetamu danqan akka mul'atan kaasu. Warra kanas tokkummaadhaan ofirraa qolachuun akka barbaachisu ibsu.

"Ummanni eenyu akka isaaf hojjetu, eenyu akka hinhojjenne bareechee beeka. Kanaaf mootummaan hojii misoomaa eegale cimsee itti fufuu qaba. Murtoo kan laatu ummata waan ta'eef" jedhu.

Walumaagalatti nageenyi waan hundaaf murteessaa ta'uun wal nama hinfalmisiisu. Kun kan ta'ummoo hunduu tokkummaadhaan ilaalcha walfakkaataa qabaatee nageenyaaf yoo hojjetee qofa. Kanaaf hawaasni gaaffiin misoomaasaa akka deebi'uuf nageenyasaa tikfachuufi filannoosaa jalqabaa nageenya taasifachuu qaba.

Yaada/Ajandaa

Qormaata biyyoota guddachaa jiranii ta'ee kan itti fufe: Hanqina nyaataafi nyaata madaalamaa

Bayyanaa Ibraahimiin

Qorattoonni sirna nyaataa akka jedhanitti, nyaatni tokko qofaasaatti nama tokkoof guutuu miti. Nyaata madaalamaa argachuuf kuduraalee, muduraalee, callaafi nyaata akka ocholoonii zayita of keessaa qaban yeroo hedduu nyaachuun fayyaafi guddina qaamaaf hedduu barbaachisaa ta'uu gorsu.

Bu'aawwan nyaatarraa argaman guutummaatti argachuuf yeroo bilcheessanitti of eeggannoon barbaachisu taasifamuu qaba. Akka gorsa ogeessota sirna nyaataati, kuduraaleen yeroo nyaataaf qopheeffamanitti dursa sirritti bishaan qulqulluun dhiqamuu qabu. Sana booda garuu garmalee bilcheeffamuun isaanii wantoota bu'aa buusan nyaaticha irraa argaman guutummaatti akka dhabnu taasisuu danda'a waan ta'eef hanguma tokkoo ho'isanii osoo sirritti hinbilchaatne soorachuun barbaachisaadha.

Nyaata madaalamaa ta'e argachuuf wantoota gosoota nyaataa filatamoo ta'an keessaa inni tokko bolloqqee hanga danda'amenti baay'isanii nyaachuun gaarii akka ta'e kan gorsan ogeessi sirna nyaataa Sheef Addisalam Kabbadaa, barbaachisummaa isaa irraa kan ka'e biyyoota alaa heddutti bolloqqeen akka warqeetti giraamaan kan gurguramu ta'uu dubbatu.

Akka isaan jedhanitti, Itoophiyaa keessatti gosoota bolloqqee garaa garaa bal'inaan omishuun osoo danda'amu gurgurtaadhaaf malee yeroo soorataaf oolfamu himmul'atu. Yeroo hunda sa'aatii nyaataati kuduraalee makuun akkasumas akka tursiistuutti (snack) waan akka fuduraaleefi salaaxaa utuu hinbilcheeffamin dhiyaatu nyaachuun gaarii ta'uu odeeffannoon Dhaabbatni Fayyaa Addunyaarraa argame ni mul'isa.

Wanti ijoon garuu nyaata tokko ykn walfakkaataa ta'an irra deddeebiidhaan nyaachuun yoo xiqqate wantoota guddina qaamaaf barbaachisan haalaan argachuurraa nama fageessu.

Akka hiikkaa Dhaabbata Nyaataafi Qonnaa Addunyaatti qajeelfamni soorannaa fayya qabeessaa, biyyoota keessatti akkaataa nyaataafi jireenyaa fayya qabeessa tahe uumuuf kan bahuudha. Qabiyyeen isaas sirna soorataarratti hundaa'uun nyaata faayidaa qabuufi haala soorannaa lammiiilee sadarkaan umrii garaagaraa irra jiraniif akka yaada gorsaati dhiyeessuudha. Kana malees qonnaafi akkaataa nyaata itti bilcheessan tarreessa.

Gama biraan fayyaa keenya eeguudhaafi dhukkuboota yaaddeessoo ittisuuf mala nyaataa qabiyyee garagaraan badhaadhan irratti yaada kenna. Biyyootni addunyaa 100 ol qajeelfama nyaataa kana qabu.

Afrikaatti biyyoonni torba qajeelfama kana kan qaban yoo tahu, ardiilee kaanirra gad-aanaadha. Biyyoota Afrikaa keessaa Keeniyaa, Afrikaa Kibbaa, Siisheelsi, Naayijeeriyaa, Beenii, Naamibiyaafi Seeraaliyoon qajeelfama akkaataa soorannaa kana kanneen qabaniidha.

Waggoota dhihoo as garuu Itoophiyaan biyya qajeelfama sirna nyaataa kana qabdu ta'uun Afrikaa keessaa biyya 8ffaa taateetti. Afrikaa dabalatee biyyootni guddachaa jiran hedduun ammas rakkoo sirna nyaataa kanarraa madduun hir'ina nyaataafi furdina akka maleetiin dararamaa jiru.

Akka qorannoon 'The Lancet' jedhamu agarsiisetti, rakkinni kun nyaataafi dhugaatii qopha'aniin gabaarratti gurguraman (ultra-processed foods,) kanneen akka chokoleetii, karamellaafi mi'eessituun nam-tochee itti dabalamanii gurguraman soorachuufi sochii qaamaa taasisuu dhiisutu rakkoo kana fide.

Dur waa'een furdinaa durummaafi jireenya mijataa jiraachuun kan walqabatu yoo ta'u, ammaan tana garuu dubbiin faallaa ta'ee furdinni gar malee akka rakkooti ka'aa jira. Rakkoon garmalee furdachuufi huuqqachuu biyyoota gammoojjii Sahaaraan gadi jiraniif Eeshiyaa

baay'inaan miidhaa jira.

Qorannichi akka jedhutti, addunyaarratti daa'immaniif ga'eyyiin biliyoona 2.3tti dhiyaatan ulfaatina garmalee qabu. Daa'imman miliyoona 150 ta'an immoo guddinni isaanii quucaruutu ibsame. Biyyoonni galii gadaanaaf giddugaleessaa qaban yeroo walfakkaataatti rakkina kanaaf saaxilamuun ba'aa dachaa soorata gahaa dhabuun dhufu kanaaf saaxilamaa jiru.

Kana jechuun uummata biyyoonni kun qaban keessaa harki 20 ulfaatina garmaleen rakkatu, daa'imman harki 30 umriin isaanii afurii gadi ta'e sirnaan hinguddatan, dubartoonni harki 20 ammoo qaqaal'oodha. Maatiin, namni dhuunfaafi hawaasni soorata madaalame hinarganne hubamuu danda'a.

Akka qorannichi ibsutti, biyyoota 123 keessaa 45 bara 1990 keessa rakkoo kanaan kan hubaman yemmuu ta'u, biyyoota 126 keessaa 48 immoo bara 2010 keessa dhiibbaa kana jala seenuu ibsa. Bara 2010 booda biyyoonni guddataa jiraan 14 rakkina garmalee furdachuu kanaaf saaxilamaniiru. Daa'immaan guddinnisaanii quucaruun soorata qabiyyee barbaachisoo hinqabne soorachuun walqabata.

Qabeenyi Itoophiyaan qabdu inni guddaan humna namaa ta'us, humni namaa biyyattii sababa hanqina nyaataafi rakkoo nyaata madaalamaatiin miidhamaa jiraachuu Daariktarii Inistiitiyuutii Qorannoo Imaammataa Obbo Fiqaaduu Tsaggaa ni dubbatu.

Humni namaa biyyattiin qabdu dandeettiifi humna gahaa qabatee misooma biyyaatiif akka gumaachuuf rakkoon nyaata madaalamaa furamuu akka qabu kan kaasan Obbo Fiqaaduu, falli qorannoo irratti hundaa'e immoo hedduu barbaachisaa ta'uu ibsu.

Bakka rakkoon qulqullina barnootaa hinfuramnetti waa'een humna namaa ogummaafi dandeettii barbaachisuun horachuu ulfaataadha. Barataan barnoota sadarkaa lammaffaa xumuruun carraa yunivarsiitii seenuu yoo dhabe, gara barnoota leenjii teknikaafi ogummaatti akka galu taasifamuusaa rakkoo namootni hedduu hinhubanne uumaa jiraachuu kan kaasan Obbo Fiqaaduu, waan qabxii seensa yunivarsiitii dhabeef osoo hintaane, barnootni teknikaafi ogummaa kun barbaachisaa ta'uusaa amanee fedhiisaatiin akka galu taasisuun barbaachisaadha.

Waa'ee nyaata madaalawaa yemmuu kaasnu waan guddaafi namni dureessa ta'e qofaan argachuu akka danda'utti ilaaluun sirrii miti. Nyaatni madaalamaan maasii qonnaan bulaa tokko keessatti wantuma argamuudha malee waan gatii qaalii ta'een iddoo biraatii bitamu miti.

Biyyoota teknolojiifi dinagdeen guddatan kanneen akka Jarman fa'itti yunivarsiitii caalaa kan kabajaa qabuufi barataan seenee barachuu fedhu dhaabbilee barnoota teknikaafi ogummaa yemmuu ta'u, kunis maddi hojiiwwan kalaqaafi argannoowwan hedduus dhaabbilee kana ta'uu dubbatu.

Giddugalli Qorannoo Afrikaa qorannoo qabeenya humna namaa biyyattiirratti taasisen, dhimmootni akka qancarummaa, nyaata madaalamaa dhabuufi qulqullinni barnootaa ammas rakkoolee hince'amne ta'uu kan kaasan daariktarii giddugalachaa Viktor Murinde, rakkooleen kunniin immoo Itoophiyaa qofatti osoo hintaane biyyoota Afrikaa hedduutti bal'inaan kan mul'atan ta'uu dubbatu.

Giddugalichi rakkooleen qabeenya humna namaa Afrikaa miidhaa jiran kunniin karaa saayinsaawaa ta'een hojii qorannoorratti hundaa'ee hojjatamuun furmaata akka argataniif kan hojjatuudha.

Walumaagalatti, Itoophiyaa dabalatee biyyoota guddachaa jiran hedduu keessatti waa'ee sirna nyaataafi nyaata madaalawaa osoo hintaane, waa'een nyaatanii buluus gaaffii keessa galaa kan jiru waan ta'eef itti yaadamuu qaba.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'ee.
Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii 1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeesaa
Lak.Bilbilaa 011-126-42-08
chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

*Saamraawit Girmaa
Natsaannat Taaddasaa
Bayyanaa Ibraahim
Waa'isuuun Takilee*

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

KEESSUMMAA BARIISAA

“Qaala’iinsa gatii maqsuuf Finfinneef qarshiin biliyoona 12.2 hirphameera”

- Aadde Habiibaa Siraaj

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Qaala’iinsi gatii akka biyyaattis ta’e addunyaatti rakkoo hamaa erga ta’ee bubbuleera. Keessattuu rakkoon kun biyyoota guddinarra jiran keessatti gaaga’ama inni qaqqabsiisu olaanaadha. Mootummaan Itoophiyaas qaala’iinsa gatii kana maqsuuf meeshaalee bu’uuraa hirphaan dhiyeessuu, omishtummaa dabaluu hanga fooyya’iinsa dinagdee goorootti tarkaanfiwwan jajjaboo fudhateera, fudhataas jira.

Haa ta’u malee, sirni daldalaa ammayyaa’uu dhabuun qaala’iinsa gatii uumuu keessatti gumaata olaanaa qaba. Magaalaa Finfinneettis daballiin gatii omishaalee qonnaas ta’e industirii sababaa malee taasifamu jiruufi jireenya ummataarratti dhiibbaa hamaa geesisaa jira. Daballiin gatii, fedhiifi dhiyeessiin walsimuu dhabuu, shira daldalaafi haalli gaba addunyaa dhimmoota murteessoo akka ta’an hayyootni dinagdee ni ibsu. Haa ta’u malee, akka Itoophiyaatti fedhiifi dhiyeessiin walsimuu dhabuufi gabaan addunyaa dhiibbaa mataasaanii qabaatanis daballii gatii amma taasifamaa jiru kan arbeessan miti. Hunda ol, shirri daldala keessa jiru qaala’iinsa gatii hammeessuu keessatti shoora mataasaa taphataa jira. Tibbana fooyya’iinsa gatii boba’aa taasifame hordofee omishaalee qonnaarratti daballiin gatii taasifamee bu’uura akka hinqabnetu dubbatama.

Daballii gatii hinmalle daldala keessatti mul’atu, haala kenniinsa eeyyama daldalaa, alseerummaa daldala keessa jiruufi tarkaanfii sirreeffama taasifamaa jiru ilaalchisee Gaazeexaan Bariisaa Hoggantuu Biiroo Daldalaa Magaalaa Finfinnee Aadde Habiibaa Siraaj waliin turtii taasise akka armaan gadiitti dhiyeesseeraatii dubbisaa!

Bariisaa: Yeroo keessan qaalii aarsaa gootanii gaafdeebii nu waliin taasisuuf eeyyamamoo ta’uu keessaniif isin galateeffachaa mee toora xiyyeeffannoo Biiroo Daldalaa Magaalaa Finfinneerraa haa eegallu.

Aadde Habiibaa: Haa ta’u. Biirichi toora xiyyeeffannoo sadiirratti fuuleffata. Inni jalqabaa, fedhiifi dhiyeessiin omishaalee akka walsimu taasisuudha. Gama omishaalee qonnaanis ta’e industirii hanqinni akka hin uumamne to’achuufi haala mijeessuudha. Inni lammataa, omishaaleen gatii madaalawaan dhiyaachaa jiraachuufi dhabuusaanii hordofuufi sirreessuudha. Inni sadaffaafi inni dhumaa, meeshaaleen bu’uuraa kanneen akka zayitaafi shukkaaraafaa kan mootummaan hawaasa harka qalleeyyii giddugaleeffachuun hirphaan dhiyeessaa jiru qixa sirriin hawaasa bira ga’uusaanii hordofuufi to’achuudha.

Bariisaa: Qaala’iinsa gatii akka magaalatti mul’atu furuuf hojileen hojjetaman maal fa’i?

Aadde Habiibaa: Bulchiinsi magaalattii hawaasni harka qalleeyyiin magaalattii qaala’iinsa gatiin akka hinhubanneef meeshaalee bu’uuraa, boba’aafi kanneen kana fakkaataniif kan oolu qarshii biliyoona 12.2 hirphuunsaa qaala’iinsa gatii hanga

tokko tasgabbeessuu danda’eera. Biirichis dhiyeessii galtee qonnaafi industirii dabaluuuf giddugalawwan dhiyeessii omishaalee qonnaa shan seensa magaalatti shaniitti akkasumas gaba Sanbataa 193 hundeesuun omishaaleen gatii madaalawaan akka dhiyaatan taasiseera. Haaluma kanaan cancala gaba salphisuun qonnaan bultoonni omishaaleesaanii shamattootaaf kallattiin akka dhiyeessan bakka kennuu dabalatee haala mijateen dhiyeessurratti argamu. Kan kana dura cancala gaba dheeraa turerra omishattootaaf shamattoota caalaa faddaalaan gatii gaba murteessuun qaala’iinsa gatii hammeessaa ture hafuun qonnaan bulaan omishasaa qabatee kallattiin gabaarratti hirmaataa jira. Tarkaanfii kun tarkaanfii bu’a qabeessaafi gaba tasgabbeesse waan ta’eef fuuldurrattis cimtee itti fufa.

Bariisaa: Fooyya’iinsa dinagdee gooroon walqabatee yaaddoon ture, rakkoon mudateefi tarkaanfiiin fudhatame maal fakkaata?

Aadde Habiibaa: Dhugaadha, fooyya’iinsa dinagdee gooroo hordofee dhimmi qaala’iinsa gatii yaaddoo hawaasa bal’aa ture. Fooyya’iinsi kun shira gabaan walqabatee jiruufi jireenya balaa hamaa keessa buusas jedhamaa ture. Haa ta’uutii, fooyya’iinsi taasifame guddina dinagdeefis ta’e gaba tasgabbeessuu keessatti shoora inni qabu ilaalchisee bakka kantiibaan magaalattii Aadde Adaanach Abeebee argamanitti namoota kuma 200 oliif hojiiin hubannoo uumuu taasifameera.

Ittaansuun hojiiin gatii gaba omishaalee hordofuufi to’achuu bal’inaan taasifameera. Hojiiin hubannoo uumuu bal’inaan taasifamus daldaltoonni rakkoo xiqqoo da’eeffachuun bu’aa dalga argachuuf carraaqan muraasni turaniiru. Haa ta’u malee, daldaltoonni irra jireessi biyyi qaban kan walii ta’uu hubachuun bu’aa xiqqoo argachuun gatii gaba tasgabbeessuuf shoora guddaa taphataniiru.

Fakkeenyaaf zayita nyaataa abbaa liitira shaniirratti si’a tokkoon daballiin gatii qarshii 300-400 taasifameera. Haaluma walfakkaatuun shunkurtiin hanga qarshii 130tti gurgurameera. Biirichiifi waajjiraaleen daldalaa sadarkaan jiran wayita tarkaanfii seeraa eegalan waa lama hubachuun danda’ameera. Isaanis, daballiin gatii hinmalle daldaltoota sababa xiqqoo da’eeffachuun dalga fayyadamuu baraniin yemmuu ta’u, gama biroon ammoo to’attoonni gabaas odeeffannoo dursanii dabarsuun daldaltoota yakka uuman baraaruurratti qooda fudhataniiru. Lameenuu tarkaanfii gorsaafi seeraan akka sirratan taasifamee gatiin bakka turetti akka deebi’u taasifameera.

Bariisaa: Daldaltoota daballii gatii hammeessuu keessatti qooda fudhatan kunneen irratti tarkaanfii akkamiitu fudhatame?

Aadde Habiibaa: Hunda dura bakka kantiibaan magaalaa Finfinnee argamanitti jiraattoota magaalattii kuma 200 ta’aniif hojii hubannoo uumuu taasifameera. Sanaan booda to’annoofi hordoffii cimaa taasifameen daldaltoonni kuma tokkoofi 800 ol kanneen meeshaalee dhoksuufi gatii dabalaa adda ba’anii of eeggannoon



Suurri: Gabaaboo Gabreetiin

Biirichiifi waajjiraaleen daldalaa sadarkaan jiran wayita tarkaanfii seeraa eegalan waa lama hubachuun danda’ameera. Isaanis, daballiin gatii hinmalle daldaltoota sababa xiqqoo da’eeffachuun dalga fayyadamuu baraniin yemmuu ta’u, gama biroon ammoo to’attoonni gabaas odeeffannoo dursanii dabarsuun daldaltoota yakka uuman baraaruurratti qooda fudhataniiru

kennameeraaf. Daldaltoonni gatii akka malee dabalaniifi meeshaalee dhoksuun yakka olaanaa raawwatan 633 ammoo manni daldalaasaanii sa’atii 24f akka saamsamu taasifamee badii dalaganirraa barachuun qalbii jijjiiratanii gara hojiitti akka deebi’an taasifameera. Gatiin meeshaalee industirii garmalee akka hinqaalofneefis Kooporeeshiniin Daldalaa hundaa’eera.

Bariisaa: Gabaan Sanbataafi giddugalawwan dhiyeessii omishaalee qonnaa kunneen dhiyeessiifi gatiirratti jijjiirama akkamii fidan?

Aadde Habiibaa: Dhugaa dubbachuuf hundeeffamuun gaba Sanbataafi giddugalawwan dhiyeessii omishaalee qonnaa qaala’iinsa gatii maqsuurratti shoora guddaa taphataniiru. Gabaan sanbataarratti omishattootaaf shamattoota kallattiin walitti fiduun gatiin omishaalee kan gaba idileerraa dhibbantaa 15-20tiin akka gad bu’u taasifamee jira. Ta’us yeroo tokko tokko ija to’attoota ilaallachuun gatii jedhamee olitti dabaluu akka jiru bira ga’amee tarkaanfii sirreeffamaa fudhatama jira. Gama biraan hundeeffama giddugalawwan dhiyeessii omishaalee qonnaan dura magaalaa Finfinneetti gatiin killeefi aannaniifaa kan qabsiisu hinturre. Amma garuu giddugalawwan kunneen dhiyeessii qofa osoo hintaane madaalli gatii eegsisuurratti shoora guddaa gumaachaa jiru. Gama biraatiin Sagantaan Maaddii Guutuufi Qonni Magaalaa akka biyyaatti irratti xiyyeeffatamee hojjetamaa jiru dhiyeessii dabaluu qaala’iinsa gatii maqsuu keessatti magaalaa Finfinneefis humna guddaa ta’aa jira.

Bariisaa: Qonnaan bultoonni haala kamiin Gaba Sanbataafi giddugalawwan ijaaramaniirratti omishaaleesaanii dhiyeeffatu?

Aadde Habiibaa: Bu’uuruma waliigaltee bulchiinsa magaalattii waliin taasisaniin

KEESSUMMAA BARIISAA

“Qaala’iinsa gatii maqsuuf Finfinneef ...

kallattiidhumaan omishaaleesaanii dhiyeeffatu. Akka waliigaltichaatti, namootni sirna gabaa kanatti fayyadaman qonnaan bultoota lafasaaniiratti midhaan, kuduraafi mudura omishan malee daldaloota bitanii fidan miti. Ammaaf qonnaan bultoonni omishaaleesaanii dhiyeessaa jiran Oromiyaa, Naannoo Kibbaafi Naannoo Amaaraati. Kuduraafi mudura dhiyeessuuratti Naannoon Kibbaa qooda shooraa olaanaa wayita taphatu dhiyeessii midhaaniiratti qoodni Oromiyaa daran olaanaadha. Fuulduratti bakkewwan gurgurtaa omishaalee kunneenii daran kan babal’atan yommuu ta’u naannoleen pootenshaalli omishaalee garagaraa jirus bal’inaan kan hirmaachifaman ta’u.

Bariisaa: Fooyya’iinsa gatii boba’aa tibbana taasifame hordofee meeshaaleerratti daballiin gatii hin malle mul’ate hoo akkamiin ilaaltan?

Aadde Habiiibaa: Sirriidha, Rakkoon kun qabatamaan mul’ate ture. Wanti beekamuu qabu biyya kanatti daldaltoonni bu’aa xiqqoon haqummaan hawaasa tajaajilan akkuma jiran kanneen sababa xiqqoon bu’aa hinmalle barbaadaniis jiru. Kuduraafi muduraa dabalatee omishaaleen qonnaa hedduun Finfinneerra fageenya gabaabaarraa waan dhufaniif fooyya’iinsi gatii boba’aan gatii hinmalle dabaluu sababa hinta’u. Akkuma beekamu biyyattiin gabaa bilisaa kan hordoftu taatus, alseerummaa daldalaa maqsuuf to’annoofi hordoffii taasifameen waan baay’een sirratera. Osoo to’annoofi hordoffii jabaan hintaasifamu ta’ee shira gabaa dalagamuun akka biyyaattiis ta’e akka magaalattiitti daballiin gatii omishaaleefi meeshaalee to’annaa ala ta’a ture.

Bariisaa: Hanqina daabboo, keessattuu dhiyeessii daabboo Shaggariin walqabatee komiin hawaasa biraa ka’u maalirraa madda?

Aadde Habiiibaa: Magaalaa Finfinnee keessa manneen daabboo Kumaafi 500 ta’an daabboo omishanii hawaasaaf raabsaa jiru. Dhiyeessii galtee daabboos waliin walqabatee rakkoon magaalattii mudate hinjiru. Dhiyeessii daabboo Shaggariin walqabatees hanqinni mudate hinjiru. Inumaayyuu dhaabbatni raabsa daabboo Shaggar warri IMX daabboo isarraa fuudhanii raabsaa akka hinjirre komii kaasaa jira. Haa ta’u malee, misooma kooriidariin walqabatee manneen daabboon kun itti raabsamu diigamu malu. Kun ammoo yeroo gabaabaa keessatti kan furamu ta’a.

Bariisaa: Daabboo dabalatee omishaalee garagaraarratti rakkoo giraama yookiin kiiloo hatuuratti hoo tarkaanfiin fudhatame jiraa?

Aadde Habiiibaa: Wanti beekamuu qabu Shaggar dabalatee dhaabbilee daabboo qopheessaniifi raabsaniif istaandardii baasuun qixaan akka hawaasa tajaajilaniif mootummaan lafa kenneeraaf. Kana malees, gariisaaniif ammoo daakuu daabboo dhiyeessaafii jira. Haa ta’uuti, kiiloo yookiin giraama hatuun rakkoo daldala keessatti mudatan keessaa isa ijoodha. Manneen daabboorratti hordoffii taasifameen 38 kan ta’an giraama hir’isuusaaniif tarkaanfiin cufuu irratti fudhatameera. Omishaalee biroorrattis giraama hatuun bal’inaan akka mul’atu hawaasa biraa komiin ni ka’a. Rakkoon kun gurgurtaa boba’aa keessattis akka mul’atu odeeffannoon waan jiruuf buufata boba’aa



123 magaalattii keessa jiran keessaa buufata boba’aa 102tti sakatta’iinsa taasifameen qaawwaan jiraachuu hubatameera. Biiroo daldalaa magaalattii kutaa sirna madaalli sirrii qoratu waan qabuuf rakkoo hanqina mudatu kana furuuf madaalli tarkaanfii seeraa cinaatti tajaajilli madaala dijitaalaa eegalame cimee guutummaa magaalattiitti hojiirra akka ooluuf ciminaan kan hojjetamu ta’a.

Bariisaa: Gabaan biyyattii gabaa bilisaa erga ta’ee shamattoonni daballi gatii haala kamiin qolachuu danda’u?

Aadde Habiiibaa: Akkuma beekamu gabaa bilisaa keessatti gatiin meeshaalee yookiin omishaalee gabaadhaan murtaa’a. Shamattoonni meshaaleeyookiin omishaalee fedhan gatii gabaa filatanii bitachuuf mirga qabu. Gabaa bilisaa jechuun gabaa luugama hinqabne jechuu waan hintaaneef daldaltoonni gatii omishaalee maxxansaniin ala dabalani gurguruuf mirga hinqaban. Haa ta’u malee, daldaltoonni tokko tokko gatii maxxansaniin ala dabalani wayita omishaalee gurguran argamu. Shamattoonni mirgasaanii kabachiifachuurratti hanqina qabaatanis mootummaan dhaabbata mirga shamattootaa eegu hundeesseera.

Dhaabbatni kun daldalaan tokko gatii murtaa’een ala meeshaalee yookiin omishaalee kan gurguru yoo ta’e eeruu shamattootaan sirna itti gaafatamummaa cimaa kan hordofsiisudha. Meeshaalee qixa sirriin hindalagneefi yeroon irra darbe kan gurguru yoo ta’e shamataaf hanga jijjiiruutti yookiin qarshiisaa deebisuuffittis dhaabbatni kun aboo qaba. Biiroo Daldalaa Magaalaa Finfinnee jalattis dameen mirga shamattootaa kabachiisu kun hundaa’ee jira. Rakkoon jiru garuu hanqina hubannoorraa kan ka’e shamattootni baay’een mirgasaanii kana kabachiifataa hinjiran.

Bariisaa: Kenniinsa eeyyama daldalaan walqabatee malaammaltummaan jiruufi tarkaanfiin fudhatame hoo akkamiin ibsama?

Aadde Habiiibaa: Kanaan dura eeyyamni daldalaa sadarkaa aanaafi kutaa magaalatti

kennamuusaatiin walqabatee rakkoo bulchiinsa gaariifi malaammaltummaa hamaatu ture. Osoo ulaagaa hinguutiin firaafi maallaqaan eeyyama daldalaa walii qooduun bal’inaan tureera. Amma garuu kallattii bulchiinsi magaalattii kaa’een eeyyamni daldalaa kan kennamuufi haara’u sadarkaa biirootti qofa. Tajaajilli biirichi kennu 19 keessaa 16 karaa onlaayinii hojjetama waan ta’eef malaammaltummaaf saaxilamaa miti. Haa ta’u malee, dhaabbileen daldalaa dhuunfaa eeyyama daldalaa argachuuf qarshiin dursa qabsiisan waan jiruuf sana akka carraatti fayyadamuun ogeessotni maallaqaa fudhachuun dhaabbilee daldalaa ulaagaa hinguutneef eeyyama kennan 13 ta’an to’annaa jala oolchuun danda’ameera. Ammas hojiin kun xiyyeeffannoo addaan hojjetamaa jira.

Bariisaa: Daldaloota seera qabeeyyiif seeraan ala daldalaa jiran adda baasuun tarkaanfii seeraa fudhachuuf maaltu hojjetame?

Aadde Habiiibaa: Rakkoo hamaan magaalattii daldaloota seeraan ala daldalaniifi mootummaa galii dhabsiisaan qixa sirriin adda baasuu dhabuudha. Bara kana kallattiin toora xiyyeeffannoo biirichaa biroo daldaloota seeraan alaa seera qabsiisuudha. Sadarkaa magaalattiitti daldaloota eeyyama seeraa qabaniifi gibira mootummaa qixa sirriin kaffalan kuma 400tu jiru. Kanneen dhokatanii eeyyama seeraa malee daldalanis lakkoofsisaanii salphaa miti. Bifuma kanaan qajeelfamni ba’ee sadarkaa hanga aanaatti hojiin qindoominaa hojjetamaa jira. Hojjettoonni daldalaa hundi bilookii quoddachuun galmee adeemsisaa jiru.

Ragaa amma jiruun magaalattii keessa daldalootni seeraan ala eeyyama malee daldalan yoo xiqqaate kuma 100 ni ta’u. Sakatta’iinsa taasifameen ji’a lama keessatti daldaloonni seeraan ala eeyyama malee daldalaa jiran kuma shanitti dhiyaatan adda baasuun gara seeraatti fiduuf hojjetamaa jira. Sakatta’iinsi, to’annoofi hordoffiin eegalame kun kutaalee magaalaa hunda keessatti cimee kan itti fufu ta’a. Hundaa

ol, teknolojiin deeggaramuun daldaloota eeyyama malee karaa seeraan alaa daldaluun qaala’iinsa gatii hammeessuus ta’e galii mootummaa dhabsiisaa jiran kunneen gara seeraatti deebisuuf bara kana xiyyeeffannoo addaan hojjetama.

Bariisaa: Qajeelfamni daldalaa ba’e kun bu’aa akkamii fiduu mala?

Aadde Habiiibaa: Qajeelfamni kun bu’aa roga maraa fiduu danda’a. Daldaloonni eeyyama malee daldalan gara seeraatti akka dhufan dirqamsiisa. Kanneen eeyyama osoo hinharessiin miliqanii hojii daldalaa keessa jiran eeyyama akka haressaan taasisa. Kun ammoo galii mootummaa dabaluu cinatti sirni gabaa tasgabbaa’an akka jiraatu taasisa. Daldalaan eeyyama hin haressine jechuun gibira hinkaffalle jechuu waan ta’eef eeyyama haressuufi haressuu dhiisuun shira daldalaa keessaa isa tokkodha. Shira kana maqsuuf kutannoon hojjetoota galii akkuma jirutti ta’e shoorri qajeelfama kanaa daran olaanaadha. Qajeelfamni kun baruma kana ba’ee hojiirra ooluu eegaluunsaa yeroo ji’a lama hincaalle ta’us bu’aawwan qabatamoo hedduu argamsiisaa kan jiruufi cimee kan itti fufudha.

Bariisaa: Markaatoos keessatti daldaloonni hedduun eeyyama malee hojjechuun alseerummaan daldalaa bal’inaan mul’ata jedhama. Kana hangam quba qabdu?

Aadde Habiiibaa: Markaatoon akka Afrikaattuu gabaa guddaa waan ta’eef daldaloota hedduu keessummeessa. Daldaloonni guguddoon hundi seera qabeessaafi eeyyama daldalaa kan qabanidha. Rakkoon alseerummaa daldalaa kan mul’atu daldaloota qinxaaboo ykn xixxiqoo biratti. Daldaloonni kunneen laameeraa yookiin sharaa keessatti waan daldalaniifi asiifi achi miliquun seeraan ala daldala keessatti hirmaatu. Gama biroon ammoo rakkoon nagaheen walqabatu Markaatootti rakkoo hamaadha. Daldaloonni jumlaan nagahee nuuf hinkennine jechuun nagahee malee daldaluun ni mul’ata. Rakkoo nagahees ta’e eeyyama malee daldaluun walqabatu bu’uurarraa furuuf Biiroo Galiiwwanii waliin qindoominaan hojjechuuf walii galaniiru.

Bariisaa: Sirni daldalaa magaalattii haqa qabeessaafi hunda hirmaachisaadha jechuun ni danda’amaa?

Aadde Habiiibaa: Akka qajeelfamaatti namni ulaagaa kaa’ame guutu kamuu eeyyama argatee daldalarratti hirmaachuuf mirga guutuu qaba. Magaalli kun magaalaa guddoo biyyattii waan taateef sabaafi sablammootni ulaagaa kaa’ame guutan hunduu dhorkaa malee daldalanii ofis magaalattis fayyaduu danda’u. Calalliin onlaayiniin waan taasifamuuf kan ulaagaa guute hundi hirmaataafi fayyadamaa ta’a. Haa ta’u malee, rakkoo malaammaltummaafi bulchiinsa gaarii turerra kan ka’e maallaqaafi aantummaan walharkisuun hinturre jechuun hindanda’amu. Kanarraa ka’uun sirni daldalaa magaalatti haqaafi seera qabeessa gochuuf hojiin rifoormii bal’aan hojjetamaa jira.

Bariisaa: Yeroo keessan aarsaa gootanii ibsa bal’aa nuuf kennitaniif galatoomaa?

Aadde Habiiibaa: Isinis waan na affeertaniif galatoomaa.

Qarreefi Qeerroo

“Dhoksaan milkaa’ina keenyaa abdiituu hinkutatatin jabaannee hojjechuu keenya”

- Dargaggoo Yoonas Geetuu

Natsaannat Taaddasaatiin

Akka ragaan Waajjira Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa Magaalaa Shaggar irraa argame mul’isutti, magaalattiitti dargaggoota waldaadhaan gurmaa’anii damee hojii gara garaa irratti hirmaachaa turan keessaa 381 gara intarpiriinaaraatti (abbaa qabeenyummaatti) ce’uun waldaalee kuma 18fi 20 ta’an of jalatti miindessanii jiru.

Ittigaafatamaan waajjirichaa Obbo Wandasan Taammiree akka jedhanitti, dargaggoonni gara abbaa qabeenyummaatti ce’an kunneen duraan miindeffamtoota kan turan yoo ta’u, ogummaa horataniifi carraa hojii isaaniif uumametti fayyadamuun cimani hojjechuun gara abbaa qabeenyummaatti ce’uu danda’aniiru. Omishaalee Faayibar Gilaasii koriidarii misoomaa Magaalaa Finfinneefi naannawaa Masaraa Mootummaatti argaman omishee kan dhiyeesse dargaggoota Magaalaa Shaggar waldaan gurmaa’anii hojjechaa jiraniidha. Waldaaleen gara abbaa qabeenyummaatti ce’an waldaalee biroof fakkeenya gaarii kan ta’aniifi dargaggoota biroofis carraa hojii bal’aa kan uumanidha.

Dargaggoo Yoonas Geetuu Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Furiitti Waldaa Yoonas, Saaraafi Hiriyootaasani jedhuun gurmaa’uun omisha Faayibar Gilaasiiratti bobba’ee hojjechaa jira. Waldichi bara 2012 kaappitaala qarshii kuma 70fi miseensota sadiin kan hundaa’e yoo ta’u, yeroo ammaa kaappitaala qarshii miliyoona 15 ol horachuufi dargaggoota 60 oliif ammoo carraa hojii uumuu dubbata.

Geggeessaan Hojii waldichaa Dargaggoo Yoonas Geetuu torban darbe Gaazexaa Bariisaatti akka himetti, waldichi Faayibar Gilaasiirraa omishaalee abaaboon keessa dhaabaman omishee dhaabbilee mootummaa federaalaafi naannoleef dhiyeesaa jira. Waajjiraaleen mootummaa federaalaafi naannolee haareffamuufi misoomni koriidarii magaalotaa jalqabamuun omishaaleen waldichaa gabaarratti daran akka barbaadamu taasisuun walittihidhamiinsa gabra bal’aa uumuun galiin waldichaa akka dabalutaasisisaa jiraachuus eereera.

Waldichi dhaabbilee mootummaa federaalaa guguddoo kanneen akka Daandii Qilleensaa Itoophiyaa, Artifiishaal Intalajansii, Godambaa Yaadannoo Injifannoo Adwaa akkasumas biirolee naannoleef omishaaleesaa dhiyeesaa jira. Waldichi dhaabbilee mootummaa federaalaafi naannolee hedduuf ajajaan omishaalee gara garaa hojjechafii jiraachuus himeera.

Waldichi misooma koriidariin walqabatee omishaalee sheedota asiifi achi socho’an, mana to’attoonni tiraafiikaa keessa taa’an, qodaa balfi ittigatamu babbareedoo



Omishaalee waldichi dhiyeesaa jiru keessaa

miidhagina magaalotaa waliin deeman dhiyeesaa jira. Waldichi dhiyeenya kana kutaa magaalaa Shaggariifi aanaalee bulchiinsa magaalattiif sheedota 50 hojjetee kan dhiyeesseef yoo ta’u, sheedonni kunneen dargaggoota gurmaa’an 150 oliif carraa hojii uumaniiru jedha Dargaggoo Yoonas.

Akka ibsasaatti, waldichi yeroo ammaa gara investimantiitti ce’uun lafa investimantiif oolu gaafatee jira. Gara fuulduraatti omishaaleesaa gabaa biyya keessaaf qofa utuu hintaane gabaa biyya alaatiifis dhiyeesuufi dargaggootaafis carraa hojii bal’aa uumuuf karoofatee hojjechaa jira. Omishaalee kanaan dura gatii guddaadhaan alaa galaa turan biyya keessatti omishuun gatii madaala’adhaan gabaaf dhiyeesaas jira.

Omishaaleen waldichaa qulqullinaanis ta’e ciminaan dorgomaa waan ta’eef gabaarratti daran filatamaafi barbaadamaa ta’uu kaasee, dhaabbileen guguddoon omishaalee gara garaa ajajaan akka isaaniif hojjetaniif gaafachaa jiraachuus hima. Fulduraattis gara industirii olaanaatti guddachuufi omishaaleesaa gabaa biyya alaa dhiyeesuuf karoofatee hojjechaa jiraachuufi omishaalee misooma koriidarii waliin deemaniifi miidhagina magaalaa dabalans bal’inaan hojjechaa jiraachuus dubbata.

Magaalaan Shaggar erga hundaa’ee as humni omishuu waldichaa dachaadhaan dabaluu kan dubbatu Dargaggoo Yoonas, Waajjirri Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa Magaalaa Shaggariifi kutaa Magaalaa Furiis to’annoofi hordoffii barbaachisu taasisuun waldichi bara darbe Baankii Siinqeerraa tajaajila liqii qarshii miliyoona sadii akka argatu taasisuusaanii ibsa. Kana malees leenjii kennuufi lafa waldichi irratti hojjechaa jiru bal’isuufin deeggarsa barbaachisu kan taasisseef ta’uus himeera.

“Dhoksaan milkaa’ina isaanii abdiituu hinkutatatin jabaannee hojjechuu keenya. Hojicha yeroo jalqabnus bu’aa buufachuu utuu hintaane baay’ee beekuurratti

xiyyeeffannee hojjechaa turre. Guddinni adeemsa keessa dhufa waan ta’eef altokkotti sadarkaa guddaarra gahuun hindanda’amu. Hojii kamiyyuu kutannoon abdiituu hinkutatatin hojjennaan itti milkaa’uun ni danda’ama. Dargaggoonni dameewwan hojii gara garaa irratti hirmaatanis rakkoolee hojiiratti isaan mudataniin abdiituu hinkutatatin cimani hojjechuun akka milkaa’aniif dhaamsa dabarseera.

Hojii utuu hintuffatiin carraawwan hojii argaman hundumaatti fayyadamuun hojii xiqqaarraa ka’anii sadarkaa guddaarra ga’uufi qabeenyaa guddaa horachuun ni danda’ama kan jedhu dargaggoon kun, waanti guddaan hojii utuu hintuffatin kaka’umsa guddaafi qulqullinaan hojjechuu ta’uu hima. Hojiin irratti bobba’an hawaasa naannawaafi biyyaaf bu’aa maalii akka qabu sirriitti ilaaluun barbaachisaa ta’uufi dargaggoonni hojii dhuunfaasaanii uummachuuf yaada qaban dura fedhii hawaasa naannawaa ilaalu akka qaban yaadachiiseera.

Dargaggoonni ilaalcha hojii tuffachuufi filachuu keessaa ba’uun carraa hojii argame hundumaatti fayyadamuun ofiisaanii, maatiifi biyyasaanii jijjiiruuf cimani hojjechuu qabu kan jedhu Yoonas, hojii dhuunfaa ofii uummachuuf bu’uurri kaka’umsaafi fedhii hojii uummachuudha jedha.

Miseensaafi supervaayizara waldichaa kan ta’e Dargaggoo Ahmad Jaafar gamasaatiin akka jedhutti, waldichi dargaggoota achii hojjetaniif akka dhaabbata leenjii teknikaafi ogummaa ta’ee ogummaa gara garaa akka horatan taasisaa jira. Dargaggoota haaraa mindessu hojiitti galchuun duras ni leenjisa. Innis ogummaa gaarii horachuu horateera.

“Waldichi dargaggoota 60 oliif carraa hojii uumee ogummaa gara garaa akka horatan taasisaa jira. Dargaggoonni har’a waldicha keessaa hojjechaa jiran bor hojii dhuunfaasaanii uummatanii hojjechuufi dargaggoota biroofis muuxannoosaanii

qooduu danda’u. Hojii gadaanaarraa ka’anii muuxannoo horachuun omishaalee gara garaa omishaa kan jiran hedduudha. Hojjetaa haaraan mindeffamus isa muuxannoo qaburraa barachaa deema. Waldichis dargaggoonni ogummaa akka horataniif daran kan jajjabeessu ta’uu dargaggoonni waldichatti mindeffamanii hojjechaa turan baay’een muuxannoo horataniin ofdanda’anii bahanii hojii dhuunfaasaanii kan uummatanis jiru” jedha.

Dargaggoo Nagaasaa Warqinaa dargaggoota waldichi carraa hojii uumeef keessaa isa tokko. Erga waldichatti mindeffamee waggaa sadii ta’uu kan himu dargaggoon kun, turtii kanaan muuxannoo, ogummaafi dandeettiisaa kan gabbifate ta’uu hima.

Waldaaleen akkasii utuu babal’atanii dargaggoota biiroof carraa hojii bal’aa uumuudhaan dargaggoonni araada adda addaan akka hinqabamne, bakka himmalle akka hinoolle, hojii malee akka hinteenye taasisuun hojiin qabamanii sammuusaanii boqonnaa gahaa akka argatu taasisuu keessatti gahee olaanaa kan qaban ta’uus eereera.

Waldichatti mindeffamtee waggoota shaniif hojjechaa kan jirtu Shamarree Heelen Guutamaa akka jettutti, hojiin qabamuun boqonnaa sammuu namaaf kenna. Namni hojii qabu yeroo hundumaa waa’ee hojii yaada. Namni hojii hinqabne garuu boqonnaa sammuu hinqabu. Bulee ka’ee hojii waan hinqabneef akka salphaatti araada gara garaan qabamuu danda’a. Xiqqaatus guddatus hojiin qabamuun gaariidha. Hojii xiqqaan jalqabanii muuxannoo, ogummaa, dandeettiifi sadarkaa hojii guddifachaa deemuun kan danda’amu ta’uu dubbatti.

Hojiin jireenya kan jettu shamarreen kun, yoo hojjetan malee jiraachuus ta’e tajaajila barbaachisu argachuun hindanda’amu. Kanaafuu dargaggoonni carraa hojii argame hundumaatti fayyadamuun hojjetanii jiraachuu akka qaban gorsiti.



Dargaggoo Yoonas Geetuu

Abbaa Sa'aa

“Dacheen Baatuu muuzii hinbaatu; ilaalcha jedhu cabsuun inisheetiivii muuziin dursaa jirra”

- Qonnaan bulaa adda duree Mahaammad Jamaal

Waasihun Takileetiin

Amala qabaadhu ogummaan ollaarraa baratama jedha Oromoon, waa xiinxalee argu malee hinmkamaaku. Aak jedhan waa tufan makmaakan waa himan akkuma jedhamu Godinni Shawaa Bahaa, Aanaan Adaamii Tulluu Giddoo Kombolchaa Gandi Arbaa misooma muuziif keessummaadha.

Tasa muuziin misoomee bu'aan irraa argama jedhamee lafa hin yaadamne Aanaa Adaamii Tulluutti jalqabbii dargaggoota waldaan gurmaa'aniin misooma muuzii jalqaban bu'aa isaan galmeessisan olaanaa ta'uusaatiin inisheetiivichi abdiin kan namatti horu ta'ee argameera.

Bu'uuruma kanaan Godina Shawaa Bahaa Aanaa Adaamii Tulluu Giddoo Kombolchaa ganda Arbaa keessaatti qonnaan bulaa adda duree kan ta'an Obbo Mahaammad Jamaal muuxannoo ollaarraa argatan bu'uura godhachuun dachee Baatuu ganda Arbaa inisheetiivii muuziin misoomsuun seenaa hojjetaniiru.

Haala hinbaratamneen misooma muuzii aanicha keessatti akka jalqabaniif bu'uura kan buuseef kallattii mootummaan jijjiiramaa Itoophiyaa kaa'een inisheetiivii muuziin dargaggoota gurmaa'anii hojjetan akka ta'e kaasu.

Waldan Oomishtoota Muuzii Baatuu Qilxuu misoomni muuzii eegalame dargaggoota hedduu dinagdeen fayyadama taasisuu eegalusaan, dargaggoonni kunis gabaa biyya keessaaf dhiyeessuun alatti alergiifillee gamanumaa of qopheessaa jiraachuu waan hubataniif anis muuxannoo kana babal'isuun qaba yaada jedhuun deeggarsa ogummaa ogeessota misooma qonnaarraa isaaniif kennamu giddugaleeffachuun inisheetiivii misooma muuzii kana tokko jedhanii eegaluu kaasu.

Misooma kana yeroo jalqaban namoonni tokko tokko “maal baasuuf dhama raasu, lafa baatuutu muuzii biqilchaa? kan jedhan akka turan yaadatu.

Jechaafi yaada duubatti harkisaa akkanaa duubatti dhiisuun gorsa ogeessota misooma qonnaa giddugaleeffachuun misoomichatti seenaniiru. Lafti Baatuu ho'aa ta'uun walqabatee bishaan gahaan yoo jiraateen alatti misooma inisheetiivii muuzii kana si'eessuun waan hindanda'amneef dhiyeessii bishaanii mijeessuun misoomichi akka dhugoomuuf kutannoon hojjetaa turaniiru.

Haala hinbaratamneen lafti Baatuu muuzii hinbaatu jedhame inisheetiivii muuziin haguugamee dacheesheef simboo qilleensa ho'aafi gubaa ture qabbaneessuun rakkoo ilaalchaa misooma muuzirra ture cabsuun qabatamaan agarsiisuu akka danda'an Obbo Mahaammad dubbatu.

Har'a bishaan gahaa itti yaasuun lafa hektaara sadi inisheetiivii misooma muuziin haguuguun galii quubsaa ta'e argachuuf gamanumaa of qopheessaniiru.

Fedhiisaanii inni jalqabaa akka aanichaattis ta'e akka godina Shawaa Bahaattis ilaalcha hindanda'amu inisheetiivii muuziirra ture cabsuudha. Isa kana inisheetiivii muuzii hektaara sadiirra dhaabani misoomsuun ilaalchicha ture cabsu danda'aniiru.



Inni biraan misooma muuzii kana gabaa biyya keessaaf dhiyeessuun qaala'insa gatii gabaa tasgabbeessuu yoo ta'u sanarra darbuun ammoo misoomicha dachaan dabaluu gabaa alergiifillee oolchuun sharafa alaa argamsiisuuf onnatani hojjeta jiru.

Waldaan oomishtoota muuzii muuxannoo isaaniif kennan waggaa keessatti baasii misoomichatti baasan haguuguun yeroo ammaatti bu'aa olaanaa hammaarrachaa jiraachuu waan hubataniif isaanis gorsa ogeessota qonnaan deeggaramanii misooma muuzii eegalan kanarraa waggaa baasiisaanii danda'achuun sana boodammoo bu'aa dachaa argachuuf kutannoon hojjetaa jiru.

Akka godinasaniitti misoomni muuzii keessummaa ta'uu kan kaasan Obbo Mahaammad Waldaa Oomishtoota Muuzii Baatuu Qilxuutti aaneedhuunfaan misoomicha qabatamaan lafarratti argamsiisuusaaniif daran akka gammadanidha kan dubbatan.

Kutannaa akkasii akka qabaataniif sababa kan ta'eef qonnaan bulaa adda duree waan ta'aniif qofa osoo hintaane fedhiin misooma qonnaa isaan keessa jiru olaanaa waan ta'eef kanamalee godinnisaanii oomishuu osoo dandeessuu ollaarraa bituun maaliifi mul'anni jedhu isaan keessa waan buleefidha.

Akka ibsasaaniitti turtii waggaan booda inisheetiivii muuziisaanii omisha guddaa kan kennu ta'uu kaasanii isa kanaafis yeroo ammaatti misoomicha si'aayinaan saffisiisaa jiraachuu dubbatu.

Gorsa ogeessota qonnaan isaaniif kennamu bu'uura godhachuunis walduraa duuba misoomicha kunuunsaa dhukkubaan akka hinhubamneef keemikaala barbaachisu fayyadamuun akkamiin misoomee oomisha gahaa argamsiisuu danda'a isa jedhurratti

xiyyeeffannoo laachuun hojjechaa jiraachuu ibsu.

Fedha rabbi yoo ta'e waggaa tokkoon booda galiin qarshii miliyoonaan lakkaa'amu galmaa'uu eegala jedhanii akka abadataniifi isa kanaafimmoo oomishaafi oomishummaan akka hinmiidhamneef kunuunsiifi deeggarsi ogummaa barbaachisaa ta'e taasifamaa jiraachuu kaasu.

“Waldaan jalqaba misooma muuzii gorsa ogeessota qonnaan jalqabee milkaa'aa jiru anaaf moodelakooti, anis hojiitti seeneen ijasaa nyaachuuf eegaan jira, bu'uuruma kanaan warreen milkaa'inakoo arganis onnatani misoomichatti makamuufi haala gaariirra jiraachuu ijaan argaan jira” jedhu.

Dacheen Baatuu kaleessa muuzii hinbaatu jedhamee ololamaa ture har'a kutannaa namoota muraasaan seenaa ta'aa jiraachuu bu'aan waldaalee oomishtoota muuzii Baatuu Qilxuufi qonnaan bulaa adda duree Obbo Mahaammad agarsiistuu guddaadha.

Dacheen Baatuu qamadii, timaatima, qaaraa, qullubbiifi kanneen biroo qofaan beekamaa ture amma misooma fuduraalee inisheetiivii misooma muuziifi kanneen biroon lafa uwwisaa seenaa hojjetaa jiraachuu kaasu.

Bu'aan waldaa tokko keessatti inisheetiivii misooma muuziirratti mul'ate, isaaniin dabalamee qonnaan buloota biroo birattis babal'ataa seenaan hojjetamaa jiraachuu himanii, misoomsanii gabaa tasgabbeessuu qofa miti gabaa alergiif dhiyeessuun sharafa alaa argamsiisuuf misoomicharratti gorsa ogeessota qonnaa kanamalees gama mootummaanis dhiyeessiileen barbaachisoo isaaniif guutamaa haala gaariirra jiraachuu himu.

Inisheetiivii misooma muuzii kun warraaqsa

dinagdee mootummaan jijjiiramaa bocee gadi buuseen kan argameefi milkaa'aa jiru waan ta'eef inisheetiiviiwwan biroollee xiyyeeffannoon irratti yoo hojjetame fayyadamaa nama taasisuusaaf kun agarsiistuu guddaa ta'uu himu.

“Dur roobatti hirkannee waggaa waggaa midhaan akaakuu gara garaa oomishna; galiin nuti argannus hagas mara quubsaa hinturre. Haata'uutii aadaan jallisii babal'achuusaan inisheetiiviiwwan adda addaa dachaan akka dabalaa, fayyadamummaan hawaasaas akka dabaluu taasifamaa jira. Aadaan hirkattummaa roobaa jalaa bahuufi misooma jallisii babal'isuu gabbachuun yoomiyyuu dabalaa deemuu qaba. Sababnisaa waggaaatti yeroo lama sadi akka oomishnu galiin keenyas akka dabaluu nu taasisa” jedhu.

Fuulduraafis walitti hidhaminsa gabaafi giddugalli gabaa mijachuu akka qabu kan himan Obbo Mahaammad, misoomni muuzii baasii, humna namaafi kunuunsa hedduun bu'aa argamu yoo ta'u, haalli gabaafi giddugalli gabaa yoo hinmijanne rakkoodha jedhu. Daldaltoonni kallattiin Finfinneerraa dhufanii gatii gadaanaan isaanirraa bitanii gatii qaaliin ofii gurgurachaa jiraachuu kaasanii, isa kanammoo oomishaalee biroo oomishnee gabaaf dhiyeessanirraa arguu ibsu.

Giddugalli gabaa ijaaramuun gidduseentummaa daldaltoota seeraan alaa kan maqsuufi gibiraafi taaksiin mootummaalee akka waliin hindha'amne kan taasisuuf akkasumas, carraa hojii uumuu keessattillee shoora olaanaa waan taphatuuf bakki gurgurtaa oomishtoonni itti dhiyeessaniifi bitattoonni itti walargan mijachuu dirqama ta'uu eeru.

Inisheetiivii misooma muuzii kana erga eegalanii kaasee dargaggoota digdamaaf carraa hojii uumuu kan himan Obbo Mahaammad, rakkooleen eeraman osoo furamanii ammoo kana caalaa carraa hojii namoota danuuf uumuu akka danda'an kaasu.

Oomishtoonni bu'aa dhamaatiisaanii yoo dhaban miirri oomishummaasaanii akka miidhamu kaasanii, mootummaan dhimma kanarratti cichee hojjechuu akka qabu gaafatu.

Miirri kutannaa jiraannaan wanti hindanda'amne hinjiru kan jedhan Obbo Mahaammad misooma inisheetiivota gara garaa mootummaan bocee gadi buusee akka aanichaatti gama misooma qamadiin, muuziin, qurxummii horsiisuun, horsiisa booyeen, dammaan bu'aa guddaafi carraa hojii uumuun hiyyummaafi eeggattummaa seenaa gochaa jiraachuu dubbatu.

Qonnaan bultoonni hordoffiifi deeggarsa gama mootummaan taasifamaa jiru kanatti fayyadamuun waggaa si'a lama oomishuun oomishaafi oomishummaasaanii dachaan dabaluu hiyyummaas seenaa gochuun murteessaa ta'uu gorsu.

Walumaagalatti inisheetiiviiwwan gara garaa akka biyyaatti eegalamani jiran lafa xiqqoo qabanirratti oomishanii, wabii midhaan nyaataan of danda'uun imaammataafi tarsiimoo dinagdeen nama humneessu waan ta'eef hojjennee of jijjiiruuf kutannoon soshuun murteessaadha.

Ilaamee...

“Kurmaanni tokkoffaan yeroo qophii ture yeroo hojii qabatamaan itti raawwatamu ta’eera”

- Obbo Shimallis Abdiisaa

Natsaannat Taaddasaatiin

Mootummaan naannoo Oromiyaa gamaaggama raawwii hojii kurmaana tokkoffaa bara 2017 magaalaa Adaamaa Galma Abbaa Gadaatti adeemsiseen gabaasa raawwii hojii paartiifi mootummaa dhiyaaterratti mari’achuun kallattiwwan hojii gara fuulduraa kaa’eera.

Oromiyaatti raawwii hojii kurmaana tokkoffaa bara 2017n hojiileen abdi namatti horan hedduun raawwatamaniiru. Gamaaggamni raawwii hojii kun ciminoonniifi hanqinoota raawwii kurmaana tokkoffaa keessatti mul’atan adda baasuudhaan haala raawwiin karoora ittiin deema jiru haalaan xiinxaluun kurmaanota hafan keessatti hojii bu’uuraan sirreessuuf kan gargaaru ta’uu himu pirezidaantiin naannichaa Obbo Shimallis Abdiisaa

Adeemsa amma deema jiruun qe’ee maatii Oromoo keessaa hiyyummaan cabsuun waan hindanda’amneef hoggansi dhimma kanarratti xiyyeeffatee hojjechuu qaba kan jedhan Obbo Shimallis, hiyyummaa hundeen buqqisuu keessatti gahee hoggantootaa olaanaadha. Hiyyummaa hir’isuun kan danda’amu ariitiin raawwii hojii keenyaa ariitii hiyyummaan ittiin babal’achaa jiru dachaan yoo caale ta’uus eeraniiru.

Akka Obbo Shimallis jedhanitti, qulqullinni hojii naannichaa rakkoo keessa jira. Qulqullinni barnootaa, omishaafi tajaajilaas rakkoo hamaa keessa jiru. Qulqullina



Hirmaattota waltajjichaa keessaa

omisha bunaa utuu mirkaneessinee galii naannichi omisha bunarraa argatu dachaa sadiifi afuriin guddisuu dandeenya. Rakkoon qulqullinaa kenna tajaajilaafi omishaalee bakka hundatti mul’ata. Hoggantoonni tarsiimowwan sadarkaa sadarkaan jiran rakkoo qulqullinaafi tajaajila furuu keessatti gahee olaanaa kan qaban ta’uu hubatanii kutannoo cimaan hojjechuu akka qaban yaadachiisaniiru.

Bajata mootummaan ramadu qofaan hiyyummaa hir’isuun waan hindanda’amneef humnoota sadan (humna waloo, maatiifi mootummaa) qindeessinee ittifayyadamuu qabna. Hoggansi sadarkaan

jiru hojii itti kenname akkamitti adeemsisaa akka jiru sirriitti madaalaa deemuun barbaachisaadha. Hoggansi sadarkaa sadarkaan jiru rakkoo bal’aa hawaasni kaasu hiikuu keessattis gahee olaanaa kan qabu ta’uu hubatee ergamasaa sirnaan bahachuu akka qabu yaadachiisaniiru.

Hoggantoonni kallattiwwan, murteewwaniifi inisheetiivota gad bu’an akkamitti hubatanii raawwachiisaa akka jiran sirriitti ilaaluun barbaachisaa ta’uu himanii, inisheetivoonniifi murteewwan gad bu’an bakka tokko tokkotti sirnaan raawwatamanii jijjiirama fidaa jiru. Raawwiin hojii inisheetivootaa bakkaa



bakkatti garaagarummaa waan qabuuf hoggantoonni sadarkaan jiran kallattiwwan kaa’aman, karoorawwan qophaa’aniifi murteewwan darban qixaan hubatanii raawwachuufi raawwachiisuurratti maal akka fakkaatan sirriitti ilaalaa deemuunis barbaachisaa ta’uu himaniiru.

Gurmaa’ina mootummaa gandaatiin tajaajilli mootummaa ummatatti akka hiiqu ta’uun, kurmaanni tokkoffaan yeroo qophii ture yeroo hojii qabatamaan itti hojjetamu ta’uun, xiyyeeffannoon inisheetiivota jajaqabamaniif kenname bakkaa bakkatti garaagarummaa qabaatus akka waliigalaatti

Gara fuula 11tti

Teknolojiitti dhimma bahuun addunyaa waliin tarkaanfachuun barbaachisaadha

Taammiruu Raggaasaatiin

Bu’a qabeessummaa dhaabbata tokko keessatti teknolojiin dhibbantaa 85 ol gahee qaba. Addunyaarratti hojiilee omishaa hojjetaman keessatti, akkasumas tajaajiloota manneen hojii mootummaafi dhuunfaan kennaman keessatti hammi teknoloji fayyadamuufi dhiibbaan teknoloji ariitii cimaadhaan dabalaa jira.

Pirezidaantiin Mana Murtii Federaalaa Sadarkaa Tokkoffaa Obbo Fu’aad Kariim dhiheenya kana waltajjii marii “Gahee dijitaalaaayzeeshinii Mana Murtii keessatti” mata duree jedhuun Finfinneetti qophaa’erratti akka jedhanitti, mana murtichaa keessatti rakkoowwan bulchiinsa gaarii jedhamanii wantootni adda baafaman irra caalaansaani tajaajiloota kennaman dijitaallessuudhaan kan furaman akka ta’e beekamaadha.

Abbootiin dhimmaa osoo mana murtii qaaman hindhuufin iddoodhuma fedhan jiraatanii dokumantiwwan oliyannoofi himata garagaraa gara mana murtii olaanaatti akka geeffatan kan dandeessisu mosajjiin

misoomee hojiirra oolaa jiraachuu himanii, gamtokkoon abbootii dhimmaarraa baasii hir’isa, kanamalees abbootiin dhimmaa abbootii seeraafi abbootii murtii waliin qaamaan akka wal hinagarre gochuun malaammaltummaa mana murtichaa keessatti uumamuu danda’u hir’isuu danda’uus ni himu.

Teknolojiwwan mana murtichaa keessatti hojiirra oolaa jiran karaa bu’aqabeessa ta’een hojiirra oolchuuf, hawaasni mana murtichaa teknolojiidhaan mataasaanii gahoomsuu qabu jedhanii, manni murtichaas teknolojiidhaan isaan gahoomsuuf leenjii barbaachisu kan kennu ta’uu ibsaniiru.

Pirezidaantii Ittaanaan mana murtichaa Obbo Tasfaayee Niwaay gamasaaniin, sanada marii waltajjicharratti dhiheessaniin akka jedhanitti, haala qabatamaa Itoophiyaatiin kanaan dura waa’een robootii karaa miidiyaa garagaraa dhaga’amaa kan ture yoo ta’u, amma garuu gaheesaa jiruufi jireenya guyyuu keessatti arguun danda’ameera. Baroota kanaan dura turan keessatti namni odeeffannoofi beekumsa kan argatu naannawaasaafi maatiisaarraa yoo ta’u, amma garuu irra caalaa mobaayilii harkasaatti qabatee deemurraa odeeffannoo

argata.

“Dur hojii hojjechuuf gahumsa humna namaatu barbaachisa, amma garuu gahumsa teknoloji odeeffannoo (IT), teknoloji dijitaalawaa, hubannoo namtolchee (Artificial Intellegence)tu barbaachisa. Yeroo ammaa kana keessattuu gaheen hubannoon namtolchee kaampaniwwan guguddaafi jiruufi jireenya dhala namaa keessatti taphaachaa jiru olaanaa waan ta’eef lammiileen teknoloji kanarratti hubannoo qabaachuu qabu” jedhu.

Hubannoo namtolcheen gahoomuun biyyootaa guddina biyyasaanii ittiin ariifachiisuuf qofa osoo hintaane rakkinoota teknoloji jabaanaa faana walqabatee dhufuu danda’an beekuun qolachuu danda’uun akka barbaachisu himu.

Teknolojiin dijitaalaa akkuma faayidaa qabu miidhaas akka qabu kaasanii, qorannoon Inistiitiyuutii Fayyaa Biyyaalessaatiin (National Institute of Health) daa’imman umriinsaani waggaa 8-12 ta’an biyyoota 29 irratti ALA bara 2018 hojjetame akka ibsutti, daa’imman teknoloji garmalee fayyadaman sababa dhibbaa odeeffannoo dogoggoraa isaan bira gahuun umrii malee

walquunnamtii saalaa jalqabuufi rakkoo xinsammuutiif saaxilamoo ta’uu akka ibsu dubbatu.

Qorannoon haaraa ALA bara 2016 taasifame akka agarsiisutti biyyi Ingilaandi hubannoo namtolcheetti qixa barbaachisuun dhimma itti bahuu dhiisuurraan kan ka’e waggaa omisha biyya keessaa (GDP) paawundii biliyoona 23tti tilmaamamu dhabaa jiraachuu himu.

Sadarkaa dhuunfaatti dandeettiin teknoloji namni tokko qabu dandeettiin bu’uurraa, giddugaleessafi olaanaa jedhamuun iddoo saditti kan qoodamu ta’uu kan himan Obbo Tasfaayeen, aadaa, ilaalchiifi sadarkaan qaqqabummaa bu’uraalee misooma dijitaalawaa dandeettiin dijitaalawaa namni dhuunfaan tokko qabu kan murteessan ta’uu addeessu.

Jireenyi nama dhuunfaa tokko jireenya dijitaalawaa jireenya fizikaalaa jedhamee iddoo lamatti kan qoodamu yoo ta’u, namni tokko bara jireenyasaa milkaa’aa ta’uuf jireenya lachuu waliin adeemsisuun akka irraa eeggamu himu. Yommuu teknoloji fayyadamuus waan gaariif fayyadamuu,

Gara fuula 11tti

“Kurmaanni tokkoffaan yeroo qophii ture yeroo hojii ...

gaarii ta'uun, akkaataa mootummaan ummata kakaasuun jijjiirama barbaadamu fiduuf itti socha'aa ture gaarii ta'uun, hojiilee galmoota qabamaniin madaaluuf kaka'umsi akka waliigalaatti hoggansa biratti mul'atu gaarii ta'uun ciminoota raawwii hojii kurmaana tokkoffaa keessatti mul'atan ta'uu eeraniiru.

Hojii qabsoon hogganuu dhabuun, madaalliin hojii jal'achuun, humna sadarkaan jiru qindeessanii hogganuu dhabuun, rakkoo hunda siyaasaan hiikuu dhabuun, beekumsa gahaa dhabuufi namoota beekumsa qabanitti fayyadamuu dhabuufi gahee geggeessummaa qixaan hubachuu dhabuun hanqinoota gama hoggansa kurmaana tokkoffaa keessatti mul'atan ta'uu himanii, gabaasni sobaas rakkoo itti fufiinsaan mul'achaa jiruufi furamuu qabu ta'uu himaniiru.

Akka Obbo Shimallis jedhanitti, ka'umsi hiyyummaa wal'aalummaadha. Hiyyummaa hiikuuf beekumsa horachuun barbaachisaa waan ta'eef hoggantoonni beekumsa isaanii guddifachaa deemuufi namoota beekamanitti fayyadamuun hiyyummaa hir'isuuf hojjechuu qabu. Hoggantoonni ummata hiyyummaa keessaa baasuuf sadarkaa barnootaasani yeroo yeroon fooyyeffachaa deemuu qabu.

Oromiyaan qabeenya lafaa, bishaanii, albuudaa, biyyee gabbataafi humna namaa gahaa utuu qabduu hiyyummaa keessaa ba'uu dadhabuunshee sirrii miti. Hoggantoonni naannichaa sadarkaa sadarkaan jiran carraawwan naannichi qabu hunda sochoosuun jijjiirama guddaa fiduuf hojjechuu qabu. Hoggantoonni tarsiimoowwan gaheesaanii sirriitti bahachuu dhabuutu ummata naannichaa hiyyummaa keessa tursiisaa jira. Paartiin Badhaadhinaas ummata hiyyummaa keessaa gara badhaadhinaatti ceesisuu waan ta'eef ejjennoon hoggansa keenyaas kanarratti

xiyyeeffachuu akka qabus yaadachiisaniiru.

Galii mootummaan walitti qabu qofaan jijjiiramaafi misooma barbaadnu fiduu hindandeenyu. Adeemsaafi karoora hojii keenya ammaatiinis imala badhaadhinaa milkeessuu hindandeenyu waan ta'eef qonna keenya ammayyeessuu, adeemsaafi karoora hojii keenya daran fooyyessuurratti xiyyeeffannee hojjechuu qabna. Gabaasni sobaas cabiinsa hamaa fidaa waan jiruuf dhaabbachuu akka qabus kallattii kaa'aniiru.

Hiyyummaa keessaa ba'uuf aadaan hojiifi qusannaa ummataas jijjiiramuu qaba. Ummanni qabeenya akka horatu taasisuun imala badhaadhinaa milkeessuuf hoggantoonni gahee isaanirra eegamu sirnaan bahachuu qabu. Hoggantoonni sadarkaan jiran hiree amma arganne kanatti fayyadamuun injifannoo yoomiyyuu hindagatamne galmeessisuu qabu. Hireen amma arganne kun badhaadhinaatti kan nu ceesisu ta'uu qaba jedhu.

Imala badhaadhinaa milkeessuuf omishaafi omishummaa guddisuu, hanga omisha alatti ergamuu guddisuu, omishaalee alaa galan kan biyya keessaatiin bakka buusuu, intarpiriinaroota baay'inaan horachuu, aadaa qusannaa guddisuu, invastimantii babal'isuu, dhaloota dorgomaa baay'inaan horachuu, hoggansaafi tajaajila gahaa kennuun dhimma irratti xiyyeeffatamee hojjetamuu qabu ta'uus eeraniiru.

Ittigaafatamaa Waajjira Damee Ijaarsaa Paartii Badhaadhinaa Oromiyaa Doktor Mangistuu Baqqalaa akka jedhanitti, xiyyeeffannoon hojii Paartii Badhaadhinaa olaantummaa yaadama ida'amu lafa qabsiisuu, qulqullina keessoo paartii mirkaneessuufi gurmaa'insa cimsuun sirna mootummaafi paartii cimaa ijaaruudha. Ijaarsi gandaa barana hojiirra oole mootummaafi sirna paartii cimaa ijaaruu keessatti gahee guddaa qaba.

Kaayyoon gamaaggama raawwii hojii kurmaana tokkoffaa bara 2017 ciminootaafi hanqinoota turan adda baasuudhaan tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuudha. Kurmaanichatti hojiileen muuxannoo gaarii ta'an hedduun raawwatamaniiru. Raawwiin hojii kun bakkaa bakkatti garaagarummaa guddaa waan qabuuf kurmaana ittaanutti hanqinaalee mul'atan guutuuf xiiqiin hojjechuun barbaachisaa ta'uu himaniiru.

Kaayyoon gamaaggamichaa ciminootaafi hanqinoota raawwii hojii kurmaana tokkoffaa bara 2017 keessatti mul'atan adda baasuun tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuu, muuxannoowwan gaggaarii mul'atan babal'isuufi hojii ittaanuuf kallattii kaa'uudha kan jedhan Doktor Mangistuu, raawwii hojii kurmaana tokkoffaatiin hojii siyaasaa guyyaa guyyaan hordofuufi deeggaruurratti hanqinni guddaan mul'ateera.

Tokkummaan ilaalchaafi gochaas baay'ee walgata. Paartiin Badhaadhinaa yaadama idaa'amuutiin hogganama. Ilaalcha faallaa paartii kanaa kan ta'e yaadama gandummaa, gosummaafi amantaan walqooduun walqabatee rakkoolee hedduun mul'achaa waan jiraniif tokkummaa hoggansaafi miseensa paartichaa simsuuf hojjechuun dhimma murteessaa xiyyeeffannoon irratti hojjetamuu qabu ta'uus eeraniiru.

Naamusa keessatti gabaasni sobaas rakkoo guddaa ta'ee mul'ateera. Kenni tajaajilaa maallaqaan gurguramaa jiraachuunis akka rakkooti kaasaniiru. Fedhii dhuunfaa giddugeessa godhatanii socho'uun alnaamusummaa ykn seeraan alummama guddaadha. Seeraan alummama kana seera qabsiisuuf to'annoofi hordoffiin taasifamus cimee itti fufuu akka qabus eeraniiru.

Geggeessummaan walqabatee poteenshaalota ofii beekuu dhabuun akka rakkooti mul'ateera. Xiqqeessanii karoorfatani raawwiin oggaa milkaa'u

isaan of dagachuun, bu'a qabeessummaan to'annoofi hordoffii taasifamanii hanqina guddaa qabaachuun, garaagarummaan raawwii baay'ee walgataa ta'uufi hojii qindeessanii hojjechuu dhabuun rakkoolee guguddoo geggeessummaa keessatti mul'atan ta'uus himaniiru.

Qabsoo keessoon walqabatee adeemsi qabsoo keessoo qulqullina dhabuun, bu'a qabeessummaan qabsoo hanga eegamu ta'uu dhabuun, dirree qabsoo keessaa ba'anii walhamachuufi maqaa walballeessuufi hojii hunda qabsoon hogganuu dhabuun akka hanqina guddaatti waan mul'atuuf qulqullina adeemsa qabsoofi bu'aasaa mirkaneessuurratti xiyyeeffatamee hojjetamuu akka qabu himaniiru.

Hojiileen kurmaana tokkoffaa keessa yaadama Paartii Badhaadhinaa lafa qabsiisuuf raawwatamaa jiru yeroo gara yerootti fooyya'aa jira. Hojiin guyyaa guyyaan raawwatamus yaadama paartii madaalaa deema jira. Hoggansi ergamaafis wareegamaafis qophii ta'uun qormaatilee hunda dandammatee deemuun bu'aa buusaa jira. Ergamaafi wareegamaaf qophaa'uun ammoo mallattoo qabsaa'aati. Hoggansi misoomaa baay'inaan uumamaa jiraachuutiin bu'aaleen naannichaafis ta'e biyyaaf fakkeenya ta'an raawwatamaa jiraachuun hojiilee akka cimnaatti adda ba'an ta'uu eeraniiru.

Qulqullinni keessoo paartii rakkoo qabaachuun, gabaasa sobaan walqabatee rakkoon naamusaa jiraachuun, kenna tajaajilaa maallaqaan gurguruun rakkoolee adda bahaniifi ce'amu qaban ta'uu eeranii, garaagarummaan raawwii sadarkaa walhinfaakannerra jiraachuun, amantaafi gosaan yaaduun muudama kennuufi neetwoorkii ijaaruun rakkoolee guguddoo adda ba'aniifi gara fuulduraatti xiyyeeffannaan irratti hojjetamuu qaban ta'uus eeraniiru.

Teknolojiitti dhimma bahuun addunyaa waliin tarkaanfachuun...

akka iccitii dhuunfaa hinmiinetti fayyadamuu, karaa namni biraa cabsee seenuu hindandeenyeen fayyadamuu, miiraan gaggeeffamanii fayyadamuu dhiisuu, wantoota miira kakaasan to'achuu akka danda'utti fayyadamuu akka barbaachisu hubachiisu.

Akka ibsa pirezidaantii ittaanaa kanaatti, biyyi tokko hubannoo namtolchee babal'isuuf tarsiimoo ifa ta'e, caasaa raawwachiisuufi humna qabu waliin qabaachuu, bajata gahaa ramaduun hojjechuu, aadaa teknolajii faana walitti bu'u osoo hin taane kan jajjabeessu qabaachuu akka qabdu ibsu.

“Tajaajiloota dijitaaleessuun ragaalee hardikoppiin jiru softkopiitti jijjiiruu qofti guddina teknolojii gahaa miti. Kanaaf hojiilee ariitiidhaan, qulqullinaafi baay'inaan hojjechuuf tiraanisfoormeeshinii dijitaalaa mirkaneessuun barbaachisaadha. Kanaaf immoo teknolojii yerichi madaalu hidhachuutu barbaachisa. Biyyi tokko yoo akkas goote tiraanisfoormeeshinii dijitaalaa galmaan gahaa jirti jechuudha” jedhu.

Akka ibsasaaniitti, tiraanisfoormeeshiniin dijitaalaa, qindoomina dijitaalaa (Digital integration) of keessaa qaba. Dhaabbanni tokko tajaajila dijitaalaa kennu tajaajila qooda fudhattoonnisaa kennan waliin wal

simsiisee tajaajila karaa dijitaalaan kenne sana faayidaa garaagaraatiif oolchuu yommuu jalqabu qindoominni dijitaalaa dhaabbatacha keessa jira jechuudha. Biyyi tokko karoora tiraanisfoormeeshinii dijitaalaa galmaan gahuuf lammii dijitaalaa uumuu, kalaqni dijitaalaa akka babal'atu gochuufi dijitaalaan dorgomaa ta'uu danda'uu qabdi. Lammii dijitaalaa uumuu jechuun lammii karaa ittigaafatamummaa qabuufi fayyaaleessa ta'een teknolojii fayyadamu uumuu jechuu ta'uu eeranii, kalaqa dijitaalaa babal'isuu jechuun ammoo, teknolojii fayyadamuun wantoota guddina biyyaatiif gumaacha gaarii gumaachan uumuu danda'uu akka ta'e himu. Biyyi tokko mataasheetiin dorgomuu osoo hintaane teknolojii biyyootni biroo itti fayyadaman uumuudhaan ykn immoo biyyoota biroorraa garagalchuun hojiirra yoo oolchitefi yoo itti fayyadamte dijitaalaan dorgomaa ta'aa jirti jechuu akka ta'es ni kaasu.

Manni Murtii Federaalaa Sadarkaa Tokkoffaa hojii tiraanisfoormeeshinii dijitaalaa eegaluufi galma gahiinsa hojii kanaatiif leenjii bal'aan hawaasa mana murtiitiif kennamaa jiraachuu ibsanii, teknolojiiwwan manni murtichaa itti fayyadamu duudhaalee mana murtichaarratti kan bu'uureffaman, qajeelfamawwan mana murtii waliin kan

deemaniifi rakkinoota mana murtichaa kan salphisan ta'uu akka qaban hubachiisu.

Akka ibsa Obbo Tasfaayeetti, manni murtichaa teknolojii sagalee gara barreeffamaatti jijjiiru ofisaatiif misoomsee manneen murtii isa jala jiran hunda keessatti itti fayyadamaa jira. Teknolojiin kun abbootiin dhimmaa adeemsa falmii keessatti yaada isaan dhiyeeffatan, kanneen falmiisaanii xumuran yeroo daqqi qaa 10 hincaalle keessatti guutummaa dubbii falmiisaanii gara barreeffamaatti jijjiiruu danda'a.

Yeroo tokko tokko abbootiin seeraa beekaniis ta'ee osoo hinbeekiin dhaadacharratti waan falmitootni lamaan dubbatan yaadannoo harkaan yommuu qabatan keessaa baasuu ykn itti dabaluu akka danda'an himanii, kunimmoo bu'aa murtoo falmattootaa gara haqa maleessaatti jijjiiruu akka malu kaasu. Kana malees, falmattootni kunneen murtoo murtaa'etti itti quufuu dhabuun ol iyyannoo yommuu gaafatan ragaan oliyyannoodhaaf barreeffamaan dhiyaatus ragaa qulqulluu akka hintaane akka taasisu dubbatu.

Itoophiyaa keessatti mana murtiitiis ta'ee dhaabbilee mootummaafi miti mootummaa keessatti karoora tiraanisfoormeeshinii dijitaalaa hojiitti hiikuuf akka heerri Itoophiyaa keewwanni 91 jedhutti

mootummaan hanga humni eeyyame ogummaa, saayinsiifi teknolojii babal'isuuf dirqama akka qabu kan ibsu ta'uu himu.

Waan bu'ura seeraafi heeraa hinqabne hojiitti hiikuun waan hin danda'amneef, bu'ura heera mootummaatiin bara 2011 baheen biyyattiin tarsiimoo dijitaalaa ifa ta'e qabaachuu kaasani, manni murtiichaas tarsiimoo bara 2014 hanga 2018 turu kan itti fayyadama teknolojii guddisuuf bahe qabaachuu ibsu.

Tiraanisfoormeeshinii dijitaalaa hojiirra oolchuuf sarara diriirsuun murteessaa ta'uu himanii, kanaafis qarshiin biliyoona 1.8 kan ramadame ta'uufi sarari kun haleellaaf akka hinsaaxilamnetti diriirfamaa jiraachuu himu. Manni murtichaa appilikeeshinoota sarara diriirfame kanarratti fe'amanis Dhaabbata Itiyoo telekoom, Inistiitiyuutii Artifishaalaa Federaalaafi Tika Nageenya Odeeffannoo Biyyaalessaa (INSA) waliin ta'uun misoomsuun hojiitti galchaa jiraachuu himaniiru. Hojiin sarara diriirsuu manneen murtii 13n keessatti waliigalatti dhibbantaa 80rra gahuus eeranii, teknolojiiwwan hojiitti hiikamaa jiran kunneen mana murtichaa keessatti tajaajila ariitii qabu kennuuf, ittigaafatamummaa mirkaneessuuf, iftoomina dabaluu daraan kan gargaarandiha” jedhaniiru.



“Fooyyeessi dinagdee...

ajajjee jirtu, waggoottan darban keessatti abbootii qabenyaa waliin ta’uun manneen jireenyaa kuma 249 lammiilee galii gad aanaa qabaniid dabarfamuu bu’aa qabatamaatti galmaa’eedha” jedhu.

Bara bajataa kanatti guddina dinagdee % 8.4 galmeessuuf karoofamee hojjetamaa jiraachuu himanii, riifoormiiwwan dinagdee sektaroota garagaraatti gaafa hojiirra oolan bara seenessa kaleessaa baanee guddina dinagdee galmaa’ee hinbeekne kan itti arguu eegaluudha jedhaniiru.

Haaluma walfakkaatuun nageenyiifi tokkummaan keessoo dippilomaasii biyyaaf shoora olaanaa akka qabu deebii isaanii keessatti kaasaniiru. Akka biyyaatti garee kamiifuu aantuummaa utuu hinqabaatiin qajeelfama kennanii fudhachuun fayyadamuudhaan bu’aa biyyaa kabachiifsuuf akka hojjetan

ibsaniiru. Biyyoota Dhiyaafi Bahaa waliin ta’uudhaan biyyaa ijaaruuf akka hojjetamuufi walittidhufeenya gaarii malee kan Itoophiyaatti bu’uu barbaadu yoo jiraate salphisnee deebisuuf ga’umsi jira jedhaniiru.

Itoophiyaan ulaa galaanaa karaa nagaan akka argattuuf akka hojjetamu himanii; dhaloota amma jiruun ykn dhaloota ittaanuun milkaa’a malee waan hafu miti jedhaniiru. Kanaafis, biyyoota hunda waliin hariiroo fayyabuleessa qabna jedhu.

Jijjiirama qabatamaa fiduuf humnaan deemuun filannoo akka hintaaneefi filannoon hundaa caalu daandii nageenyaa ta’uu himanii, lammiileen biyya keessaafi alaa hundi kana hubachuun barbaachisaa ta’uu eeru. Humnoota naannoo Amaaraafi Oromiyaa keessa socho’an waliin dubbachuun akka eegalame ibsaniiru.

AADAAFI AARTII

Fakkii xixiqqoo kaasuurraa hanga asxaa idil addunyaa hojjechuutti

Saamraawit Girmaatiin

Godina Shawaa Lixaa iddoo addaa Asgoriitti dhalatee, daa'imummaasaatti abbaansaa hundeessaafi miseensa Waldaa Maccaafi Tuulamaa waan turaniif hiriyyootaasaanii waliin ajjeefamanii, mannisaaniis waan dhaalameef haatisaa ilmaan ishee 18 fudhattee Finfinneetti baqachuuf dirqamte. Innis mucaa dhumaa yoo ta'u, barumsasaa sadarkaa tokkoffaa Mana Barumsaa Yakkaatiit 23tti, sadarkaa lammaffaa ammoo Mana Barumsaa Addis Katamaatti barate. Sadarkaa olaanaa, kolleejjis Komeersitti xumure; isaa booda gara Biyya Ameerikaa deemuun akaakuu barnootaa garagaraa barateera, Artisti Yaadessaa Zawugaa Booji'aa.

Maatii jireenya gaarii qaban irraa dhalatuus rakkoo abbaasaarra qaqqabeen rakkinaaf barachuuf kan saaxilame yoo ta'u, kun garuu jireenyisaa sadarkaa kana akka qaqqabuuf bu'uura waan isaaf ta'eef akka carraa badaatti akka hin ilaalledha gaafdeebii Gaazexaa Bariisaa waliin dhiheenya taasisen kan himu. Keessumaa Finfinnee naannawaa Massaalamiyaa jedhamutti guddachuusaatiin jireenya namootaa akka baruufi sadarkaa jireenyaa akka ittiin hubate kaasa.

Yeroo sanatti Oromoo ta'uun karaa beekamuunis ta'e hinbeekamneen dhiibbaa kan namarraan ga'u ta'uufi innis sababa maqaasaatiin dhiibbaan hinmul'anne irra ga'aa turuu yaadatee, ta'uus inni nama mirgasaa falmachuufi eenyuummaasaa kabachiifachuuf hinxiqqaannee waan tureef waan cimaan irra ga'e akka hinjirre yaadata.

Jireenya aartii keessa kan seene ijoolummaadhumaan yoo ta'u, hojiilee qarshii argamsiisaniif muraasa hojjetaa turus kennaa isaa kana barnootaan deeggaruu akka hindandeenye kaasa. Erga gara Ameerikaa deemee garuu kallattiidhaan barnoota kennaa isaa cimsuuf barachuun hojjiwwan aartii faayinii (ofiif)fi komershaal (daldalaaf) jedhamuun beekaman addaddaa hojjechuusaa kaasa.

Artisti Yaadessaan, Ameerikaa keessatti manneen nyaataa baay'eedhaaf fakkii kaaseera, dhaabbilee addaddaaf ammoo asxaafi biraandiingii hojjetareef. Kana malees moosaajiiwwan uumuurrattis hojjiwwan addaddaa hojjeteeera.

Hojiilee guguddoo inni hojjetee keessaa inni ijooniifi beekamti argamsiiseef aasxaa Gamtaa Afrikaa inni hojjetee yoo ta'u, namoota 130 keessaa dorgomee mo'achuusaa kaasa. Hojii kana hojjechuusaatiin miirri nan danda'a jedhuu keessasaatti uumamuu dubbata. Daa'imni baadiyyaatti dhalatee, rakkina guddate tokko yoo jabaatee hojjetee hojii sadarkaa idil addunyaatti beekamu hojjechuu akka danda'u hubachuusaa kaasa.

Fuulduratti ijoollee kennaa fakkii kaasuu qaban deeggaruuf fedha olaanaa akka qabuufi mootummaa Oromiyaa wajjiin ta'uunis haala itti barsiisuun danda'amurratti mari'achuusaa kaase. Inni dhuunfaasaatti beekumsa hedduu damichatti waan horateef

ijoollee carraa hinarganne leenjisuuf fedha olaanaa waan qabuuf yaalii taasisaa jiraachuufi giddugala bancee wantoota biyya kanatti hinargamne, inni achii argate qooduuf yaaduu hima; kunis waan nama tokkoon qofa fiixaan ba'u waan hintaaneeff deeggarsa qaamolee addaddaa gaafata.

Artisti Yaadessaan Ayyaana Irreechaa dhuma ji'a Fulbaanaa kabajamerratti, waamicha Pirezidaantiin Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa hawaasa diyaaspooraaf taasisan fudhachuun kan dhufe yoo ta'u, ayyaana Oromiyaatti kabajamu kanarrattis yeroo jalqabaaf hirmaachuusaa kaasa. Kana dura Ameerikaatti hirmaachaa turuufi fakkiiwwaniifi sirba Irreecharratti xiyyeeffate qabaachuusaa hima. Keessumaa muuziqaan isaa Irreecha bara 2009 irratti xiyyeeffachuun shamarreen nagaan irreeffachuuf Amboodhaa baate tokko akkamiin rakkoo yeroo sana uumameen lubbuushee akka dhabdee irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, dambaliiwwan raadiyoo Ameerikaa hedduu keessatti akka dhaga'amu hima.

Muuziqaan kan jalqabes ijoolummaasaatti yoo ta'u, daa'ima waggaa shanii ta'ee sirba obboleessisaa barreesse tokko Afaan Oromoodhaan sirbuusaa eeree, namni fira dhihoo ta'e tokko isa argee yoo muuziqaatti gore barnootasaa dadhaba jedhanii maatii amansiisuun isa dhaabsisu hima. Erga gara Ameerikaa deemee garuu garee muuziqaan tokko wajjiin waggoota ja'aa oliif hojjechuusaafi albami tokko Afaan Ingiliffaa 11fi Afaan Amaaraan tokko qabu baasuusaa kaasa. Sirbi tokkichi Afaan Amaaraa ta'uus Oromummaan kan keessatti calaqqisuu ta'uufi kunis eenyuummaasaa irrattii dhiibbaa tokkollee akka hinfidne hima.

“Irreechi sadarkaa har'a ga'eerra akka qaqqabuuf aarsaan olaanaa itti kanfalameera. Wanti aarsaan itti kanfalame kun ammoo sadarkaa nama ajaa'ibsiisuun guddateefi balatee haala miidhagaa akkanaa yommuu kabajamu arguun daran nama gammachiisa. Kanas caalaatti hojii aartiitiin ibsuuf galtee hedduu irraa argadheera. Miidhaginni ayyaanichaa daran dabala bakkeewwan hedduuttis akka kabajamuuf waan narraa eegamuu taasisuuf qophaa'eera” jedha.

Sirboota Afaan Oromoos sadii kan qabu yoo ta'u, dhiheenya waana Irreecharraa arge fakkii muuziqaadhaan ibsuuf yaada qabaachuu eeree, bakkeewwan addaddaa Komishinii Turizimii Oromiyaa waliin ta'uun daawwates fuula miidiyaa hawaasaa isaarrattis giraafiksiwwan garagaraa fayyadamuun hojii beeksisuu hojjechaa jiraachuufi kan itti fufu ta'uu hima.

Erga biyyaa ba'e waggoota 22 kan lakkofsise Artisti Yaadessaan yeroo sadiif gara biyyaa dhufuusaafi waggoota shanii as gara Itoophiyaa dhufee akka hinbeekne himee, jijjiirama Magaalaa Finfinneetti arge daran dinqamuusaa dubbata. Waan hundi jijjiirameefi bareedee arguusaatti gammaduus ni ibsa.

Hojii kanas hawaasni diyaaspoora akka hubatuuf yommuu waan irraa eegamu akka ba'atu kaasee, namni waan arge



Artisti Yaadessaa Zawugaa Booji'aa.

dubbachuu amaleeffachuu akka qabu hima. Kana jechuunis waan gaarii hojjetamees, hanqina jiruu dabalatee jechuudha. Akka warri adii jedhanitti, omileetii hojjechuuf hanqaaquuwwan cabuu qabu; yommuu jijjiiramni akkanaa dhufe wantoota baay'eetti bubu'uu danda'a waan ta'eef ilaaluu kan qabnu bu'aa boodarraa dhufu ta'uu akka qabu gorsa.

“Misoomni akkanaa yommuu hojjetamu wantoonni baduufi dhabamsiifamuu qaban jiru. Balfiiwwan addaddaa fakkii magaalitti balleessan baduun dirqama. Ijaarsiwwan manneen sadarkaa magaalitti wajjiin hindeemnees ni diigamu. Kanas namoota manni jalaa diigameef mana kennaa, kanneen beenyaan kanfalamuufi qabuuf kanfaltiin yommuu raawwatamu argeera. Ta'uus namoonni tokko tokko hojii guddaa hojjetamu dhiisanii waa'ee diigamuu kan haasa'an jiru. Kun jijjiiramuu qaba. Ani waanin arge hunda namootatti nan hima” jedha.

Akka dhuunfaatti dhuguma hojjechuun akka danda'amu, hamma har'aattis kan turame hojjechuun dadhabamee osoo hintaane sodaadhaan hojjetamuu dhabuu hubachuusaa hima. Wanti hojjetamaa jiru garuu nama hunda kan gammachiisuufi fuulduree magaalitti fagootti agarsiisuun kan danda'u ta'uusaatiin daran itti gammaduu ibsa.

Keessumaa hawaasni diyaaspoora utuu dhufanii hinlaaliin waanuma miidiyaa hawaasaarratti argan qofa fudhachuun akka wanti hojjetamu sirrii hintaanetti fudhatan jiraachuu kan himu Artisti Yaadessaan,

inni dhuunfaasaatiin kun akka hubatamuuf feebuukiisaarratti waan arge akka maxxansuufi namoonni baay'ees akka hordofan dubbata. Namoonni muraasni ammoo kan arrabsan jiraachuu eeree, namoonni ilaalcha gaarii qabaachuu qabu jedhee akka amanu ibsa.

“Ilaalchi siyaasaafi biyyi addadda baafamanii ilaalamuu qabu. Paartiin siyaasaa ni jijjiirama, biyyi garuu akkas miti. Diyaaspooraan biyyaa fira dhihoo hinqabne hinjiru. Biyya ofii xiqqeessanii biyya ormaa jaallatanii jajuun anaan na quuqa. Jechoonni rasaasaa olitti nama miidhu, na summeessu. Kanaaf hundi keenya kana yaadaa sammuu qulqulluu qabaannee biyya keenya jaalachuufi akka guddattu utubuu qabna. Ani ijoolleenkoo lamaaniifi haati manaakoo illee yaada akkanaa akka qabaataniifin tattaafadha” jedha.

Kanaaf yommuu biyyi karaa addaddaan diyaaspooraaf waamicha taasiftu irratti hirmaachuun akka barbaachisu eeree, kanarratti garuu hanqinni kominikeeshinii akka jiru kaasa. Ergaan darbu sirriitti nama ergaan darbuuf sana bira akka ga'uuf xiyyeeffannaadhaan hojjetamuu akka qabuufi kana ammoo deeggaruuf fedha akka qabu dubbata.

Akka waliigalaatti jalqabiiwwan hojii biyyattii keessa jiran jajjabeessoofi deeggarsa nama hundaa kan barbaadan waan ta'eef namni hundi bakka jirutti ittigaafatama isaa ba'achuu qaba. Itoophiyaa jijjiiruu yoo barbaanne kadhachaa osoo hintaane hojjechaa ta'uu qaba jedha.

Faayidaa Gurmaa'insa Haaraa Caasaa Mootummaa Sadarkaa Gandaa

Hawaasaa Bal'aatti Dhihoodha

1

Haqa Waloo Ni Mirkaneessa

4

Nageenya Ni Waarressa

2

Bulchiinsa Gaarii Ni Mirkaneessa

5

Kenna Tajaajila Ni Foyyeessa

3

Motummaa fi Sirna Cima Ijaara

6



Gurmaa'insi mootummaa...

Pirezdaantiin Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa gamaaggama raawwii hojii kurmaana tokkoffaa bara 2017 torban darbe Adaamaatti adeemsifamerratti akka jedhanitti, gurmaa'inni mootummaa gandaa ummanni tajaajila mootummaan kennu dhiyeenyatti akka argatu taasisuun mootummaafi

paartii cimaa ijaaruuf gargaara. Gurmaa'insichaan gandarratti caasaan mootummaa cimaa akka uumamuuf tarkaanfiin fudhatamuus eeraniiru.

Ittigaafatamaan Waajjira Damee Ijaarsaa Paartii Badhaadhinaa Oromiyaa Doktor Mangistuu Baqqalaa akka jedhanitti, gurmaa'insi mootummaa

gandaa walittidhufeenya ummataafi paartii guddisuu keessatti gahee guddaa taphataa jira. Gurmaa'insichi tajaajila mootummaa ummatatti dhiyeessuun fayyadamummaa ummataa mirkaneessaa jira.

Jiraattonni Godina Shawaa Lixaa akka jedhanitti, gurmaa'insi mootummaa

gandaa haaraan hojiirra oolaa jiru kun kenna tajaajilaa fooyyessuun hawaasni tajaajila si'ataa dhiyeenyatti akka argatu taasisaa jira. Hawaasni kanaan dura tajaajila argachuuf karaa dheeraa deema ture yeroo ammaa dhiyeenyatti tajaajila barbaadu argachaa jiraachuu Odeeffannoon Biiroo Kominikeeshinii Oromiyarraa arganne ni ibsa.

"Ammas yoo ta'e ejjennoon..."

fudhachuutiin jiraachuudha. Itoophiyaan giddugala humna Afrikaati, mataashee bira darbitee misooma Afrikaaf kutannoo qabdi. Eenyuma duuka osoo hinhiiriin dippilomaasii kennanii fudhachuutiin faayidaa biyyaaleessaaf nihojjetti.

Lammileen Itoophiyaa hundi kana beekani faayidaa biyyaaf dursa kennuun hojjechuu akka qaban himanii, nageenyi keessoo jabina dippilomaasiif gahee olaanaa akka qabu ibsu.

Itoophiyaa keessatti nagaa waaraa fiduuf, seenessa waloo dagaagsuufi, akka heera biyyaatti buluu akka barbaachisu eeranii, Itoophiyaan biyya sabaafi sablammootaa ta'uushee amanuufi mirkaneessuu, dogoggorawwan kaleessa turan sirreessuu, cimnoota turan ittifufsiisuu, waliigaltee biyyaaleessa uumuu, Itoophiyaa guddatteefi misoomte arguuf mul'ata waliinii uumuu, yaadama paartii bira darbee dhaloota ceesisuu danda'u qabaachuutu barbaachisa jedhaniiru.

Waldhabdee biyyattii keessatti mul'atu Marii Biyyaaleessaatiin furuuf miseensotni mana mariichaa Komishiinii Marii Biyyaaleessaatiif deeggarsa cimaa taasisuu akka qaban kaasani, Komishiinii Haaromsaafi

Cehumsa haqaatiifis deggarsa taasisfamuu qaba jedhaniiru.

Haala nageenya Naannoo Amaaraa ilaalchisee Doktor Abiyi akka ibsanitti, naannichatti mootummoota darban hunda caalaa mootummaan ammaa hojiilee misooma gurguddaa hojjechaa jira. Naannichatti hojiileen ijaarsa daandii, warshaaleefi misoomni turizimii hojjetamaa jiru. Naannicha giddugala turizimii gochuuf hojjetamaa jira. Masaraan Mootummaa Faasil haaromfamaa jira, magaalota gurguddoo naannichaa keessatti hojiileen misooma koridarii hojjetamaa jiru. Ijaarsi Hidha Magac waggooa dheeraaf erga adda cite turee booda bajata qarshii biliyoona torba ramaduun halkaniifi guyyaa hojjetamaa jira.

Akka isaan jedhanitti, hojiileen kunneen hundi hojjetamaa kan jiran ta'us, hojiileen misoomaa naannichatti akka hinhojjetamne gufachiisuuf qaamotni yaalii godhan jiru. Qaamota kunneen waliigallee gochaasaaniirraa akka deebi'an gochuu qabna. Ummatni Amaaraa ummata safuu qabu, ummata enyu akka isaaf hojjetuufi eenyummo isaaf akka odeessu adda baasee beekudha jedhanii naannichatti mootummaan hojiilee misoomaa cimsee kan itti fufu ta'uu ibsaniiru.

Rakkoon ulaa galaanaa...

Doktor Roobaan Gaazexaa Bariisaafi Kamisa darbe akka ibsanitti, ulaa galaanaa Itoophiyaaf gaaffii siyaasaa utuu hin taane gaaffii dhimma jiruufi jireenya ummata biyyattiiti. Gaaffiin kun deebii akka argatuuf rakkoolee hawaasummaafi dinagdee sababa ulaa galaanaa dhabuun Itoophiyaa kan gaanfa Afrikaafuu ga'u ta'uu hubachiisuun barbaachisaadha.

Akka ibsa isaaniitti, Itoophiyaan biyyoota gaanfa Afrikaa jiran keessaa biyya baay'ina ummata guddaa, diinagdeefi qabeenya uumamaa bal'aa qabduudha. Kanaan walqabatee hawaasa gaanfa Afrikaa keessa jiraatan waliin hariiroo dinagdee, qabeenya uumamaafi hawaasummaan kallaatiifi alkallattii qabduudha.

Oromoon Itoophiyaafi Keeniyaa keessa, Affaariifi Somaaleen bakka hunda jiraachuun, aadaafi amantaan walkeessa faca'auun bara dheeraa kan jiraatan waan ta'eeff rakkoon Itoophiyaa dhaqqabu biyyoota ollaas kan gaaga'udha.

Keessumaa Laggeen Itoophiyaa daangaa qaxxaamuran kanneen akka laga Abbayyaa, Gannaalee, Awaashiifi kanneen biroo dabalatee Itoophiyaan dhiyeessaa waan jirtuuf walitti dhufeenya isaanii uumamaan kan walitti hidhameedha. Kanaaf, Itoophiyaa ulaa galaanaa qabaachuun hariiroo hawaasa gaanfa Afrikaa cimsu ta'uun hubatamee akka deebi'uuf hunda hubachiisuun barbaachisaadha jedhaniiru.

Itoophiyaan shira siyaasaafi fedhii murnoota siyaasaa daba hojjetaniin ulaa galaanaa dhabde malee duraan ulaa qabaachuu eeranii; shira humnoota alaafi rakkoo keessoo babal'achuun gaaffii ulaa galaanaaf danqamaa har'a ga'eera. Ammas, hummooti

dhiibbaa Itoophiyaa irraan ga'uu barbaadan shira siyaasaa alarraa erguun dhiibbaa uumuu barbaadan jiru. Ta'us shira kana maqsuuf tarkaanfiin olaantummaa seeraa fudhatamuu akka qabu yaadachiisaniiru.

Biyyootni baay'een kiloomectira kumaatamaa irraa dhufanii buufata waraanaa 19 ta'u ijaarrachuun fayyadamoo ulaa galaa ta'aa yeroo jiranitti, Itoophiyaan fageenya gabaabaa irratti akka hinarganneef shira xaxuun hawaasa walitti hidhamee jiru mana hidhaa keessatti ugguruu waan ta'uuf daandii jalqabameen itti deemamuu qaba jedhaniiru.

Seerri galaanaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii 390/5 waliin jireenyaafi walitti dhufeenya hawaasa gaanfa Afrikaa kan deeggaru ta'uu eeranii; Itoophiyaan nagaa ollaashee eeguudhaan gaaffii ulaa galaanaa akka pirezidaanti Taayyee Asqasillaasee jedhanitti kan milkaa'u ta'uu ibsaniiru.

Kanaafis, qaamolee dhimmi ilaallatu hundi gumaacha isaanirraa eegamu ba'uu qabu. Keessumaa dhaabbileen siyaasaa biyya keessaa afaan qawween wanti sirratu waan hinjirreef walhubachuun barbaachisaadha. Rakkoo uumamu furuuf "Ganda buluu ganda bulchuudha" jechuun mootummaan naannoo Oromiyaa caasaa gandaatti xiyyeeffannaa kenne akka fakkeenyaatti kaasaniiru.

Kanneen biroonis nageenya biyya keessaaf xiyyeeffannaa kennuun yeroo waliif kennanii wal hubachuu milkaa'inaaf daandii saaqa. Hawaasni dayaaspoora tokko tokko walitti bu'iinsa hammeessuuf qawwee bitee obbolaa walitti buusuu dhiisanii qabeenya qabaniin bu'aa hawaasaa mirkaneessuuf carraaquu qabus jedhaniiru.



Doktar Girmaa Amantee

Lafa hektaara miiliyoona 1.7 irraa oomishni walitti qabameera

Rippooortara Gaazeexichaatiin

Finfinnee: Lafa hektaara miiliyoona 1.7 irraa oomishni ga'e walitti qabamuu Ministeerri Qonnaa beeksise.

Ministirri Ministeerichaa Dooktar Girmaa Amanteen raawwii baatiiwwan sadan darbanii ilaalchisuun ibsa kennaniin, lafa hektaara miiliyoona 20.4 sanyiin uwwifame keessaa lafa hektaara miiliyoona 1.7 irraa omishni ga'e walitti qabameera. Naannawaa tokko tokkottis roobni yeroo malee roobaa waan jiruuf qonnaan bultoonni duulaan midhaan ga'e sassaabuu qabu.

Yeroo ammaa hojiin misooma jallisii qamadii eegalamuu himanii, barana lafa hektaara miiliyoona 4.2 irratti qamadii misoomsuuf karoofamuu himanii; haaluma kanaan hanga ammaatti lafti hektaarri kuma 8.5 qophaa'uun lafa hektaara kuma 505 sanyiin uwwifamuu dubbataniiru. Dabalataan bara oomishaa 2017/18'f xaa'oo biyyee kuntaala miiliyoona 24 bituuf karoofamuu ibsaniiru.

Adeemsi bittaa xaa'oo Adoolessa 2016 akka eegalame yaadachiisani, Onkoloolessa 30, 2017 dura dooniin jalqabaa Buufata Jibuutii akka dhaqqabu himanii; sanyii filatamaa garaagaraa kuntaalaa miiliyoona lama qonnaan bultootaaf dhiyeessuuf karoofamuu yaadachiisaniiru. Bara oomishaa 2016/17'tti lafti hektaarri miiliyoona 30 midhaan, hortiikaalcharii fi jirbiin uwwisuun oomishni kuntaalaa biiliyoona 1.4 ni argama jedhamee kan eegamu ta'uu akeekaniiru.

Hojii jallisii baranaatiin walumaa gala lafa hektaara miiliyoona shan misoomsuuf karoofamee keessaa lafti hektaarri miiliyoona 4.2 qaamadiin akka facaafamu ibsani; jallisii boneef amma ammaatti lafa hektaara kuma 850 qophaa'ee keessaa hanga ammaatti lafti hektaara kuma 505 facaafamuu dubbataniiru.

Kana malees, aannan liitiroo miiliyoona 12 argachuuf karoofamuu kaasani; killee biiliyoona saddeet, foon toonii kuma 218, akkasumas damma toonii kuma 297 oomishuuf potenshaalli akka jiru eeraniiru.

Guddina dinagdee biyyaaf hojiin dijitaalaa ariitiin hojjetamaa jira

Rippooortara Gaazeexichaatiin

Finfinnee: Itoophiyaan guddina dinagdeesheef hojii dijitaalaa ariifachiisaa jiraachuu Itiyoo Telekoom beeksise.

Pirezidaatiin Naannoo Sidaamaa Obbo Dastaa Lendaamoo gama isaaniin Itiyoo Telekoom biyya dorgomtuu teknoloojii dijitaalaa ammayyooftuu taate bakka addunyaan irra geesse madaaluufi dinagdee dorgomaa ijaaruu keessatti gahee olaanaa qaba jedhaniiru.

Tajaajilli neetworkii moobaayilii 5G'n naannoo Sidaamaa magaalaa Hawaasaatti jalqabameera.

Sagantaan jalqabsiisa neetworkii kun kaleessa galgala kan gaggeeffame yoo ta'u sagantaa kanarratti kan argaman hoji gaggeesituun olaantuu Itiyoo Telekoom tajaajilli neetworkii moobayilii 5G'n tajaajila intarneetii ariitii olaanaa qabu isa dhumaa addunyaan amma irra geessedha jedhaniiru.

Biyyoonni teknoloojii kana hojiirra oolchanis ammaatti muraasa ta'uu himaniiru.

Itoophiyaan biyyoota kanneen keessaa tokko ta'uu himanii; Itiyoo Telekoom Finfinneen alatti magaalota gurguddoo naannoleetti



Obbo Dastaa Lendaamoo

tajaajila kana babal'isaa jira jedhaniiru.

Tajaajilli neetworkii ariitii qabu kun sirna daldalaa mijeessuu, hojii qonnaa ammayyeesuu fi tajaajila si'ataa kennuuf kan dandeessisudha jedhaniiru.

Waggoota jahan darbanitti kubbaaniyyaan kun teknoloojiiwwan ammaayyaa hedduu

gara biyyaatti galchuun ummata fayyadamaa taasisuuf hojjechaa ture jedhaniiru.

Itoophiyaa dijitaalaa ariifachiisuu dinagdee biyyaa guddisuuf teknoloojii ammayyaa haaraa galchuufi babal'isuurratti kubbaaniyyaan kun ammas ciminaan hojjechaa jiraachuu beeksisaniiru.

Beenishaangul Gumuzitti qonna gannaa irraa callaa kuntaala miiliyoona 45 sassaabuuf hojjetamaa jira

• Hektaarri kuma 220n kilaastaraan faca'eera

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Qonna gannaa 2016/2017 irraa callaa kuntaalli miiliyoona 45 sassaabuuf hojjetamaa jiraachuu Biiron Qonna Naannoo Beenishaangul Gumuz beeksise. Kunuunsaafi hordoffiin biqiloota ashaaraa magariisaan dhaabbatan ittifufee jiraachuun ibsameera.

Hogganaan biirichaa Obbo Babakir Haliifaa Kibxata darbe Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, raawwii qonna ganna bara 2016/2017tti hektaara miiliyoona 1.3 sanyiidhaan uwwisuuf karoofame hunda sanayiidhaan uwwisuun danda'ameera. Kanarraas callaa kuntaalli miiliyoona 45 kan eegamu yoo ta'u, yeroo ammaa haalli omisha oyiruu irra jiruu gaariidha.

Akkasaan jedhanitti, hojii qonna naannichaa milkeessuuf aanaalee naanniichaa hundatti ogeessota qonnaa ja'a ramaduun qindoomina hawaasa waliin uumuun lafa sanyiidhaan uwwisuuf karoofame hundaa sanyiidhaan uwwisuun danda'ameera. Midhaan zayitaa, dheedhii dabalatee omisha oyiruu irra jiru keessaa %54 midhaan agadaati. Isaan keessaas bisingaan hektaara kuma 352, boqqolloom ammoo hektaara 291 dha.

Raawwii qonna gannaa keessatti qonna kilaastaraan hektaara kuma 370fi 229 sanyiidhaan uwwisuuf karoofame kessaa hektaarri kuma 220 sanyiidhaan uwwifamuu eeranii, aanaalee Uuraa, Baambasii keessatti qonnaan bultootni oyiruu isaanii % 60-70 kilaastaraan waan facaasaniif hektaara kuma 16 ol ta'uu utuu addaan hincitin bakka tokkotti boqqolloom uwwifamuu ibsu. Qonnaan bultootaafi ogeeyyiin qonnaa aanaalee hunda irraa dhufanii bakka kana irraa muuxannoo fudhachaa jirachuu ni



kaasu.

Hojiiwwan kunneen raawwachuufis guddistuu callaa Daappii (Nps) kuntaala kuma 74fi 672, Yuuriyaa (Urea) kuntaala kuma 61fi 789, kompostii kuntaala miiliyoona afuriifi Vermii kompostii kuntaala miiliyoona sadii ol faayidaa irra oolchuun danda'ameera.

Dhibeewwan omisha huban kanneen akka kotaariyemiifi waagii naannichatti mul'achuu himanii, hordoffii hanga ammaatti taasifameenis qamadii hektaara kuma torba irratti keemikaalli biifamuusaa kaasu. Torbee lamaan ittaanutti gara boqonnaa omisha ga'e sassaabuutti ce'ama jedhaniiru. Haaluma walfakkaatuun sangantaa ashaaraa magariisaan biqiltuu gosa addaa addaa miiliyoona 60 dhaabbatan

kunuunfamaa jiraachuus eeru.

Akkasaan jedhanitti, raawwiin ashaaraa magariisa bara kanaa Ministirri Muummee Abiyyi Ahmad (PhD) bakka argamanitti waan gaggeeffameef kan duraanii caalmaatti milkaa'aa ture. Yeroo ammaa kanas hojii misooma biyyee bishaaniin walqabateen bakkeewwan biqiloonni dhaabbatan hundatti gurmaa'iinsa dargaggootaafi dubartootaa, biirolectiin kunuunsaafi hordoffiin taasifamaa jira.

Hanga Sadaasa xumuraatti roobni roobuu waan danda'uuf midhaan akka boloqqee, saalixii ga'aniifi kanneen biroon hawaasi akka sassaabu dhaamanii biiroonis hordoffiifi to'annoo omishalee sassaabamanii hordofuudhaan kallattii kennamuun ittifufa jedhaniiru.



Tashooma Qadiidaatiin

Waancaan Kubbaa Harkaa Afrikaa har'a Finfinneetti eegala

Shaampiyoonaan Kubbaa Harkaa dargaggootaa Afrikaa umrii 20 gadii, kan Konfedereeshinii Kubbaa Harkaa Afrikaatiin gaggeeffamu ALA bara 1980 Magaalaa guddoo Naayijeeriyaa, Leegositti jalqabe. ALA bara 1994fi 2020 addaan citus waggoota 44f magaalota biyyoota miseensota konfedereeshinchaatti adeemsifameera.

Waggootan kanneen keessatti biyyoonni Afrikaa saddeet qofti gabatee meedaaliyaa keessa yoo galan meedaaliyaawwann 63 badhaasaaf kennamaniiru. Misir meedaaliyaa warqii 14, meetii afuriifi nahaasa takkaan walumaa galatti meedaaliyaawwan 19 fudhachuun dursaa jirti.

Akkasumas, shaampiyoonaan dargaggoota guddattoota Afrikaa umrii 18 gadi ta'ani ALA bara 2000 magaalaa guddoo Kotidivaar, Abujaatti ture kan eegale. Bara 2018fi 2020 sababa adda addaatiin addaan citus waggoota 24f biyyoota Afrikaa adda addaatti gaggeeffameera.

Dorgommii kanaanis meedaaliyaawwan 30n kan argaman yoo ta'u Misir warqii saddeetiif meetii takkaan, walumaa galatti meedaaliyaawwan sagal argachuun guddattootaanis dursaa jirti.

Waggaa lamatti al tokko kan qophaa'u shaampiyoonaan kun baranas qopheesummaa walta'insa Federeeshinii Kubbaa Harkaa Biyyoolessaafi Konfedereeshinii Kubbaa Harkaa Afrikaatiin Itoophiyaa, magaalaa Finfinneetti har'arraa kaasee hanga Onkoloolessa 27 bara 2017, Akkaadaamii Ispootii Dargaggootaa Itoophiyaatti adeemsifama.

Shaampiyoonaa Kubbaa Harkaa Addunyaa dargaggootaafi dargaggoota guddattoota Afrikaa



Taphni kubbaa harkaa yommuu adeemsifamu

kanarratti hirmaachuuf biyyoonni Afrikaa 11 Roobii darberraa kaasee Finfinnee seenaniiru.

Dorgommiin kan jalqabamu har'a ganama sa'aatii sadii irratti ta'us ifaan kan banamu sa'aatii saddeet irratti akka ta'u Pirezidantiin Federeeshinii Kubbaa Harkaa biyyoota Bahaafi Giddugaleessa Afrikaafi Pirezdaantiin Federeeshinii Kubbaa Harkaa Itoophiyaa Doktor Fitih Waldasanbat Roobii darbe Gaazexaa Bariisaaf ibsaniiru.

Biyyoonni shaampiyoonaa kanarratti hirmaatan kunneen dursanii shaampiyoonaa zoonii saanitti adeemsifametti gareewwan shaampiyoonaa ta'uun waancaa fudhatan ta'us ni himu.

Walmorkii dargaggoota umrii 18 gadirraati Itoophiyaa dabalatee Maadagaaskaar, Giinii, Kaameerun, Zaambiyaa Naayijeeriyaa, kan umrii 20 gadiin ammoo Riyoonyan, Zimbaabuwee, Ruwaandaa, Giiniifi Koongoon kan hirmaatan ta'uu dubbatu.

Itoophiyaan shaampiyoonaa kana keessummeessuuf carraa kan argatte ALA bara 2023 Shaampiyoonaa Dargaggoota Guddattoota Bahaaf Giddu Galeessa Afrikaa Finfinneetti adeemsifametti shaampiyoonaa ta'usheefi naamusa gaariidhaan xumurusheetiini.

Koreen dorgommii gaggeessaa Konfedereeshinii Kubbaa Harkaa Afrikaa, yeroo sana Itoophiyaan qophii gaarii taasisuun shaampiyoonicha milkiidhaan xumurushee hubachuun shaampiyoonaan ammaa kun asitti akka adeemsifamu murteessuu himu.

Shaampiyoonaan kun asitti qophaa'uunsaa dorgommiin gamatti faayidaa hawaas dinagdee, siyaasaafi dippilomaasii akka qabu eeranii, shaampiyoonaan kun haala miidhagaadhaan jalqabamee naamusa gaariin yoo xumurame bu'aan isaa biyyaafi ummataaf ta'uu kaasu.

Walmorkii kanatti fakkeenyaan gaarii biyya keenyaafi walitti dhufeenya ummata Afrikaa kan cimsu, akkasumas ispoortii Kubbaa Harkaa

biyyattii sadarkaa amma jirurraa fooyyeessuuf faayidaa olaanaa qaba jedhu.

Akka ibsa Doktor Fitihiiti, shaampiyoonaa kanatti gareewwan lamaaniinu biyyoonni tokkoffaafi lammaffaa bahan Afrikaa bakka bu'uudhaan shaampiyoonaa Kubbaa Harkaa Addunyaarratti ni hirmaatu.

Leenjisaan Garee Kubbaa Harkaa Itoophiyaa Inispeektar Tasfaayee Mul'ataa gamasaaniin akka ibsanitti, Itoophiyaan shaampiyoonaa akkanaa kanarratti hirmaachuuf carraa yoo argattu kan ammaa kun isa jalqabaati. Carraa argame kanatti fayyadamuuf ammoo dargaggoota dandeettii qaban qopheessuun bal'inaan akka hirmaatan taasifama.

Akkasumas dargaggoonni guddattonni Itoophiyaa bakka bu'uun shaampiyoonaa kanarratti hirmaatan kunneen cimina qaamaafi samuutiin haala gaariiratti akka ragaman himu.

Dargaggoonni guddattonni kunneen shaampiyoonaa Kubbaa Harkaa Guddattoota Afrikaa bara darbe Finfinneetti qophaa'erratti tapha gaarii agarsiisuun waancaafi meedaaliyaa warqii fudhachuun shaampiyoonaa baranaa kanaaf dhihaachuufi kan baranaafis qophii ga'aa taasisuu kaasu.

Itoophiyaan dargaggoota ciccimoo dandeettii kubbaa harkaa qaban baay'inaan qabaattus kilaboota kubbaa harkaa waan hinqabneef dargaggootaaf carraa dorgommii banuun akka hindanda'amne eeranii, Federeeshinii kubbaa Harkaa Itoophiyaafi Mootummaan damee kana cimsuun fedhii dargaggootaa guutuun barbaachisaadha jedhu.

Daandiin injifannoo olompikii gootichi Irreessaa Abbabaa Biqilaan saaqame hanga ammaatti itti fufeera

- Yoomiif Qajeelchaafi Hawwii Fayisaa mo'atan

Atileetonni Itoophiyaa dirreewwan atileetiksii irratti hirmaatan hundattiyyuu meedaaliyaa malee galanii hinbeekan. Daandiin injifannoo olompikii gootichi Olompikii Irreessaa Abbabaa Biqilaa ALA bara 1960 Roomitti saaqee hanga ammaatti ittifufeera.

Atileetonni Itoophiyaa dirreewwan olompikii Tokiyoo, Meeksiikoo, Munik, Mooskoo, Baarseeloonaa, Atilaantaa, Sidiinii, Ateensi, Beejiingi, Landan, Riyooyi, Tokiyooofi Paarisitti olaantummaa gonfataniin seenaa hindagatamne galmeessaniiru.

Shaampiyoonaaawwan atileetiksii mana keessaafi dirreewwan adda addaarratti adeemsifamanittis atileetonni Itoophiyaa seenaan qaban olaanaadha.

Akkasumas qabxiin atileetonni Itoophiyaa tuutanis ta'u dhuunfaadhaan dorgommiwwan qaxxaamura biyyoolessaarratti ALA bara 1973 irraa kaasanii galmeessisaa turan akka salphaatti kan ilaalamuu miti.

Atileetonni Itoophiyaa dirreewwan atileetiksii irratti hirmaatanitti injifachuun ala yeroo yeroon riikardii fooyeessuudhaan maqaa gaarii galmeessisaa turuufi ammas galmeessisaa jiraachuudhaan beekamu.

Atileetonni Itoophiyaa dorgommii maaraatooniifi walakkaa maaraatooniin tibbana magaalota biyyoota adda addaatti adeemsifamerrattis koorniyaa lamaaniin rikardii adunyaa fooyeessuudhaan injifannoo dachaa gonfataniiru.

Fiigicha maaraatooniin torban darbe Jarman, Magaalaa Firaankfartitti dubartoota jiddutti



Atileet Hawwii Fayisaa

adeemsifametti atileeti Hawwii Fayisaa sa'aatii 2:17.25 xumuruun rikardii fooyeessuun mo'atteetti. Atileeti Shakkoo Galmoo ammoo sa'aatii 2:22.37n xumuruun sadaffaa yoo taatu, atileetiin Keeniyaa Maagidiliin Masaay sa'aatii 2:18.58n xumuruun lammaffaa baateetti.

Fiigicha walakkaa maaraatonii Ispen Vaaleenshiyaatti dhiirota jidduutti gaggeeffameen atileetiin beekamaa Itoophiyaa Yoomiif Qajeelchaa daqiiqaa 57:30n xumuruun rikardii addunyaa fooyeessuun injifateera.


Atileet Yoomiif riikardii fageenyichaa kanaan dura atileeti Ugaandaa Jaakob Kiipilimoodhaa qabamee ture sakandii tokkoon fooyeessuun badhaasa dolaaraafi meedaaliyaa warqii argateera.

Fiigicha meetira kuma kudhaniifi kuma shaniin kan beekamu atileet Yoomiif Olompikii Paariisii as fuulasaa gara walakkaa maaraatoonitti deebisuun yeroo gabaabaa keessatti rikardii addunyaa harkatti galfachuu danda'eera.

Dorgommicharratti atileetonni Keeniyaa Maatika Dani'eel daqiiqaa 58:17n, Kiipikoch Assalii ammoo daqiiqaa 58:21n xumuruun lammaffaafi sadaffaa ba'uun meedaaliyaa meetiifi nahaasa badhaafamaniiru.

Dorgommii dubartoota jidduutti adeemsifameen ammoo atileetiin Itoophiyaa Tiggee Gabrasalaamaa sa'aatii 1:05.41n xumuruun lammaffaa baateetti.

Atileetonni Itoophiyaa waggoota dheeraadhaaf



Atileet Yoomiif Qajeelchaa

atileetota urjii addunyaa ta'uun badhaasa Waldaan Atileetiksii Addunyaa qopheesu badhaafamaa turunsaniin ni yaadatama.

Waldichi baranas atileetota urjii addunyaa bara 2024 badhaasuuf qophiiratti argama. Haaluma kanaan atileetonni Itoophiyaa dhiiraan Taammiraat Tolaafi Yoomiif Qajeelchaa, dubaraan ammoo Tigisti Katamaafi Suutumee Assafaa badhaasichaa kaadhimamaniiru.

Atileetonni Itoophiyaa badhaasa kanaaf kan kaadhimaman Taammiraat Tolaa, olompikii Paariis 2024 adeemsifame maaraatooniidhaan shaampiyoonaa yoo ta'u, Yoomiif Qajeelchaa ammoo fiigicha kuma shaniifi kuma kudhanii bara 2024, akkasumas riikardii walakkaa maaraatoonii harkatti galfachusaatiin.